AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI

QAJEELCHA BARSIISOTAA KUTAA 5FFAA



Qajeelcha Barsiisotaa Afaan Oromoo
Akka Afaan 2ffaa tti

AFAAN OROMOO

(AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI)

QAJEELCHA BARSIISOTAA

KUTAA 5FFAA

FOOYYESSITOOTA

HAYILUU LAMMEESSAA (MA)

YEWUUBDAAR AYYAALEW (MA)

GULAALAA

TAFARII KUMSAA (PhD)

GIRAAFIKSII

TSAGGAASILLAASEE MIIDHAKSAA

FAKKIBSAA

DASSAALENY TASFAAYEE

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, 2015/2023

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

BOQONNAA TOKKO: MANA BARUMSAA KOO 1

BOQONNAA LAMA: WAQITIILEE 10

BOQONNAA SADII: WALGARGAARSA 24

BOQONNAA AFUR: NAGEENYA TIRAAFIKAA 35

BOQONNAA SHAN: ISPOORTII 45

BOQONNAA JAHA: TAPHOOTA AADAA 54

BOQONNAA TORBA: SABQUNNAMTII 77

BOQONNAA SADDEET: KOORNIYAA 87

SILABASII 95

SEENSA

XIYYEEFFANNOO QAJEELCHA BARSIISAA

Qajeelchi barsiisaa kun qaama sirna barnootaa afaan dhalootaati. Kunis haala hojiirra oolmaa kitaaba barattootaa irratti xiyyeeffata. Xiyyeeffannoo kanaan ijoolleen afaan isaaniitiin ogummaawwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu haala gaariidhaan horachiisuuf kan fooyya'ee qophaa'edha. Bu'uurri qophii isaas qorannoo daa'imman haala kamiin ogummaawwan dubbisuufi barreessuu salphaatti horachuu danda'u kan jedhuufi amaloota Afaan Oromooti.

Qajeelchi barsiisaa kun sirna barnootaa fooyya'e bu'uureffata. Mala baruu barsiisuufi meeshaaleen deeggarsa barnoota kitaabicha keessatti dhiyaatanis barsiistotaaf odeeffannoo ga'aa kenna. Itti dabalees, barsiisonni barattota deggaruuf kitaaba barattootaatti akkamiin fayyadamuu akka qaban irratti qajeelfama ifa ta'e kenna. Akkasumas, adeemsi baruufi barsiisuu madaallii walirraa hincinne, dhimma koorniyaafi hunda hammatoo giddugaleessa godhata. Dhuma qajeelcha kanaa irratti jechoonni barsiisotaaf haaraa ta'u jedhamanii yaadaman hiikamanii jiru.

Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

Qajeelchi barsiisotaa kun kan qophaa'e barsiisonni gabatee gurraachaafi boronqii adii, barattoonni immoo qubeessaafi dabtara yoo qabaatan adeemsa baruufi barsiisuu sirriitti gaggeessuu danda'u yaada jedhuuni. Haata'u malee, meeshaalee deegarsa barnootaa dhiyeenyatti argachuu danda'u yoo ta'e, ykn ofii isaanii qopheessuu danda'u yoo ta'e adeemsi baruu barsiisuu ciminaan itti fufuu danda'a.

Madaallii: Deeggarsi gocha ykn jechaan barumsa barattootaa jajjabeessuuf kan raawwatudha. Keessumaayyuu, barattoota waan baratan hubachuuf tattaafatan ykn hindandeenye jajjabeessuuf gargaarsa godhamudha. Sababiiwwan madaalliin walirraa hincinne barbaachiseef keessaa tokko barattoota deeggarsa dabalataa barbaadan ittiin adda baasuufi. Yeroo barattoonni hojii gareefi dhuunfaa daree keessatti waliin hojjetan barattoota rakkoorra jiran battalumatti adda baafatanii deggersa barbaachisu gochuu dandeessisa. Adeemsa kanaan hojii cimsuu barataa deeggarsa addaa barbaaduuf kennuun ni danda'ama. Barattoonni tokko tokko daddafanii yaad-rimeewwan waan hubataniif, fedhii isaanii guutuuf gocha ulfaataa kennuufiin caalmaatti akka ciman taasisuun hojii madaallii keessa jira.

Madaallii Walitti Fufaa: Madaallii walitti fufaa jechuun akkaataa barattoonni itti dalagan irratti itti fufinsaan odeeffannoo argachuuf gocha raawwatamudha. Kun ammoo qabiyyeen barnootaa isaaniif galuu isaafi ogummaawwan barbaadaman gonfachuu isaanii addaan baafachuuf gargaara. Madaalliin walitti fufaa baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaas, barsiisonni waan barsiisan irratti murtii akka kennan waan isaan gargaaruufi. Barsiisonni argannoo daawwannaa isaaniifi madaalli gaggeessan galmeessuudhaan jijjiirama barattoota irratti mulate hordofuu qabu. Kunis gama dandeettiiwwan barattoonni simisteera tokko keessatti horachuu qabaniitiin walsimachuu qaba. Qabxileen armaan gadii madaallii walitti fufaa, akkaataa hojii/raawwii barattoota keessanii madaaluuf isin gargaaru.

Madaallii Alidilee Walitti Fufaa: Madaalliin alidilee hedduudha. Isaan keessaa muraasni akka kanaan gadiitti ibsamanii jiru.

Kaardii Xumura Barannoo: Barannoon guyyaa tokkoo osoo hinxumuramiin, barsiistonni gaaffii tokko gaafachuu ykn hojii gabaabduu kennuufiin xumuruudha. Barattoonni hundi deebii isaanii kaardii dhuunfaa dhuunfaa isaanii irratti barreessanii barsiisotaaf kennu. Barsiisonnis barattoonni hangam akka sirriitti hojjetanii xumuran keessa deebi'anii ilaalu.

Daawwannaa: Barsiisonni daree keessa naanna'anii yeroo barattoonni shaakala barannoo dalagan to'achuu qabu. Yeroo kana barattoota kamiif qabiyyeen barsiifamu akka galeefi barattoonni kamfaa gargaarsa akka barbaadan arguu danda'u.

Kaardii Agarsiistuu: Barattoonni dhuunfaadhaan deebiisaanii muraa waraqaa irratti barreessanii barsiisonni akka arganitti fuuldura isaanii ka'u, fakkeenyaaf sagalee dhaga'aniif qubee barreessuu. Fakkeenyaaf, jechoota barsiisaan dubbate keessatti qubeewwan dhaga'aman deebisanii barsiisaatti himuun, isa himan ammoo ni barreessu.

Madaallii Idilee Walitti Fufaa

Akaakuun madaallii kanaa gochaawwan daree keessatti raawwataman irratti xiyyeeffata.

Gocha Dareefi Hoj-manee: Barsiisonni barreeffama gocha dareefi hoj-manee walitti qabuun ilaaluudhaan guddina hubannoowwan/dandeettiiwwan barattootaa hordofu.

Battaleewwaniifi Yaaliiwwan: Barattoonni qabiyyee tokko sirriitti hubachuu isaanii adda baafachuuf, battaleewwaniifi yaaliiwwan nikennamu. Kutaa 1ffaa keessatti, battalleewwan gaggabaaboo kanneen akka qubeewwan gara sagaleetti walitti fiduu, jechoota gidduudhaa qubeewwan hir'isuun akka guutan taasisuu, jechoota dubbisuun guutummaa jechootaa akka dubbisan taasisuu fa'i. Haa ta'u malee, ogummaawwan tokko tokkorratti ga'umsaafi sirrummaan dubbisanii ibsuu danda'uu barattootaa mirkaneeffachuuf, dhuunfaa dhuunfaanis madaaluu nidandeessu. Kunis, torbee torbeetti barattoota murtaa'an madaaluun ta'uu danda'a.

BOQONNAA TOKKO

MANA BARUMSAA KOO

(BAAY'INA WAYITII 15)

(DHEERINA WAYITII 45')

SEENSA

Boqonnaa kana keessatti barattoonni keeyyata dhaggeeffatanii yaadolee callaa isaa baru. Walaloo dubbisuu akka danda'anis ni barbaadama. Akkasumas, hiika jechootaa, jechoota waliin deeman, jechoota lakkoofsa ibsaniifi bamaqaalee abbumaa agarsiisan akka hubatan barbaadama. Kanaafuu, shaakaloota tokko tokkoo gilgaalotaa jalatti dhi'aatan haalaan shaakalchiisuun barbaachisaa ta'a.

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- keeyyata mata dureen isaa **Daree Barnootaa koo** jedhu nidhaggeeffatu;
- maqaafi fakkii meeshaalee daree barnootaa keessatti argaman walitti nihimu;
- walaloo **Barnoota** jedhu dubbisuun yaada isaa ni'ibsu;
- jechoota waliin deeman walitti fiduun ga'umsaan nidubbisu;
- hiikaa jechoota waliin deemanii nikennu;
- jechoota waliin deeman gargaaramuun hima ni'ijaaru;
- lakkoofsota 21 hanga 50 jechaan barreessuun nidubbisu;
- bamaqaalee abbummaa agarsiisan himoota keessatti nifayyadamu;
- himoota gaaffiifi deebii bittaa-gurgurtaan walqabatan nishaakalu.

Barannoo 1

Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- keeyyata mata dureen isaa **Daree Koo** jedhu nidhaggeeffatu.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni keeyyata dubbifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee gaafataman akka deebisantu barbaadama. Kanaafuu, gilgaala 1 gaafachuudhaan keeyyata asii gadii yeroo sadi dubbisiif. Dhaggeeffachaa gaaffilee gilgaala 2 jalaa akka deebisan taasisi.

Daree Koo

Dareen barnootaa koo baayyee bareeda. Keessi isaa fakkiifi kaartaa adda addaatiin miidhagee jira. Kallattii fuuldura kootiin gabatee gurraachatu jira. Bitaa mirga isaa irratti fakkiin qaamolee mukaafi ilbiisotaa agarsiisu fannifamee mullata. Keenyaan mirga koo irratti kaartaan naannolee Itoophiyaafi Oromiyaatu jira. Akkasumas, kan biyyoota Afriikaa agarsiisu ka'ee jira. Gama bitaa kootiinis fakkii sirna bullaa'iinsa nyaataa agarsiisu foddaa lamaan gidduutti maxxanee jira. Duuba koo irratti garuu, kaartaa ardiilee addunyaa hunda of irraa qabutu bifa nama hawwatuun ka'ee mullata. Kanaafuu, dareen koo madda beekumsaatiin faayamaadha jechuun nidanda'ama.

Deebii Gilgaala 1

Deebiin gaaffilee gilgaala kana jalaa hubannoo barattootaa irratti hundaa'ee kan deebi'u ta'a. Deebii sirriin hinjiraatu. Kanuma barattoonni kennan madaaluudhaan fudhadhu. Barattoota yaalaniif amilee kennuudhaan atis kan kee itti dabalii yaada isaa bal'isuu yaali.

Deebii Gilgaala 2

1. fakkii qaamolee mukaa, qaamolee ilbiisotaafi sirna bullaainsa nyaataa agarsiisu.
2. kaartaa naannolee Itoophiyaa, Oromiyaa, Afrikaafi kan ardiilee addunyaa agarsiisu.

Madaallii

Barannoo kanaan dandeettii dhaggeeffachuu akka cimsatan taasisuutu barbaadame. Kanaafuu, shaakaloota kennaman ifa gochuudhaan barattoonni akka keessatti hirmaatan taasisi. Dandeettii isaan duraan qaban irratti hundaa'uudhaan hojii dhaggeeffachiisuu keetii milkeessi. Galma ga'iinsa kaayyoo barnootichaas mirkaaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 2

Maqaa fakkiifi kaartaa himuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

1. Maqaafi fakkii meeshaalee daree barnootaa keessatti argamanii walitti nihimu.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni maqaafi fakkii meeshaalee daree barnootaa keessatti argamanii akka walitti himan taasisuutu barbaadame. Kanaanis dandeettii dubbachuu isaanii gabbifachuu danda'u. Keeyyanni ati barannoo darbe keessatti dubbistee dhaggeeffachiiste shaakala kanaaf ciicata ta'uufii nidanda'a. Ta'uus baatu, fakkiileefi kaartaa ilaaluudhaan walitti himuu hinhambisin. Kanaafuu, haaluma qajeelfama kennameetiin shaakalchiisi!

Gilgaala 3

Fakkiileefi kaartaa ilaalanii akka sitti himan taasisi.

Kaartaa= A, E, F, G

Fakkii = B, C, D, H

Deebii Gilgaala 4.

1. c 2. d 3. b 4. A

Deebii gilgaala 5

1. c 2.d 3.a 4.b

Madaallii

Barattoonni akkaataadhuma qajeelfama kennameetiin hojjachuu danda'uu isaanii adeemsa keessatti mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 3

Walaloo Dubbisuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Walaloo **Barnoota** jedhu ga'umsaan dubbisuun yaada isaa ni'ibsu.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni walaloo dhiyaate dubbisuudhaan dandeettii dubbisuu isaanii akka cimsatan barbaadame. Kanaafuu, walalicha irra deddeebiidhaan dubbisanii akka hubatan taasisi!

Gilgaala 6

Akka irra deddeebi'anii dubbisanii hubatan taasisi!

Deebii Gilgaala 7

Barattoonni hubannoo walaloo dubbisuudhaan argatani irratti hundaa'anii gaaffilee akka deebisan jajjabeessi!

Deebiin isaan barataadhaa, barataatti adda adda ta'us kan yaada walaloo keessatti argamu bu'uureffatte ta'uu mirkaneeffadhu.

Madaallii

Barattoonni shaakala dubbisa hubannoo taasisuu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi!

Barannoo 4
Jechoota waliin deeman dubbisuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota waliin deeman walitti fiduun ga'umsaan nidubbisu.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo kanaan barattoonni jechoota waliin deemuu danda'an walitti fidanii akka dubbisan taasisuun barbaachisaadha. Jechoonni shaakala kanaaf filataman dubbisa barattoonni wayitii darbe dubbusan keessaa filatamani. Kanaafuu, barattootaaf haarawa miti jechuudha. Atis haaluma qajeelfama kennameetiin walitti fidanii akka dubbisan taasisi!

Deebii Gilgaala 8

- Biqiltuu dhaabuu
- Dungoo qabsiisuu
- Barnoota barachuu
- Kitaaba dubbisuu

Madaallii

Barattoonni jechoota kennaman walitti fiduudhaan akka dubbisan gargaari! Adeemsa hojii isaaniitiin sadarkaa hubannoo isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi!

Barannoo 5

Jechoota waliin deemaniin himoota barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni

- jechoota waliin deeman gargaaramuun hima ni'ijaaru.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo kanaan barattoonni sadarkaa jechoota waliin deeman walitti fidanii dubbisuu irra darbanii himoota ittiin ijaaruutu eegama. Kanaafuu, haaluma jechoonni waliin deemuu danda'aniin walitti fiduudhaan himoota akka barreessanii dubbisan taasisi!

Deebii Gilgaala 9

Deebiin gilgaala kanaa barataarra barataatti gargar ta'uu nidanda'a. Yaa ta'u malee, kanneen armaan gadiitiin deebii kee goolabuu nidandeessa.

2. Inni laaqana nyaachuu deeme.
3. Siddiseen xalayaa barreesuu eegalte.
4. Badhaasaan bishaan dhuguu hinjaalatu
5. Tolashiin buna danfisuu jibbiti.
6. Leencoon kubbaa taphachuu jaalata.

Madaallii

Barattoonni jechoota kennaman walitti fiduudhaan hima ijaaranii akka dubbisan gargaari! Ga'umsa hojii isaaniitiin sadarkaa hubannoo isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi!

Barannoo 6

Lakkoofsota 21 hanga 50 jechaan sagaleessuufi barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota waliin deeman gargaaramuun hima ni'ijaaru.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo kana keessatti barattoonni lakkoofsota 21 hanga 50 jiran jechaan sagaleessuufi barreessuu danda'uu qabu. Kanaafuu, jalqaba irratti lakkoofsota gilgaala 10 jalatti gabatee keessatti di'aatan sagaleessuu akka shaakalan taasisi. Ittaansuudhaan sagaleewwan jechoota lakkoofsota sagaleessanii adda daasuudhaan barreessuu akka danda'aniif irra deddeebiin shaakalchiisi!

Gilgaala 10. Barattoonni lakkoofsa 21-50 gabatee keessatti barreeffamanii jiran akka sagalee olkaasuun dubbisan fakkeenya kennuun hojjachiisi. Bakka deeggaramuu qabanittis deeggarsa kenniif!

Deebii Gilgaala 11

Lakkoofsaan	Jechaan	Lakkoofsaan	Jechaan
21	digdamii tokko	36	soddomii jaha
22	digdamii lama	37	soddomii torba
23	digdamii sadi	38	soddomii saddet
24	digdamii afur	39	soddomii sagal
25	digdamii shan	40	Afurtama
26	digdamii jaha	41	afurtamii tokko
27	digdamii torba	42	afurtamii lama
28	digdamii saddeet	43	Afurtamii sadi
29	digdamii sagal	44	afurtamii afur
30	Soddoma	45	Afurtamii shan
31	soddomii tokko	46	afurtamii jaha
32	soddomii lama	47	afurtamii torba
33	soddomii sadi	48	afurtamii saddeet
34	soddomii afur	49	afurtamii sagal
35	soddomii shan	50	Shantama

Madaallii

Barattoonni lakkoofsota dhi'aatan erga dubbisanii booda akka jechootaan barreessanii fiduudhaan akka dubbisan barbaadama. Adeemsa hojii isaaniitiin sadarkaa hubannoo isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi!

Barannoo 7

Jechoota hiika faallaa (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota faallaa waliif ta'an fayyadamuun barreessuun ni agarsiisu;

Gahee barsiisaa/-tuu

Jechoonni barannoo kana jalatti dhiyaatan kanneen walaloo barattoonni dubbisan keessaa funaanamani. Kanaafuu, haarawa miti. Tarii barattoonni waa'ee jechoota faallaa hubannoo gahaa qabaachuu dhiisuu danda'u. kanaafuu, bakka barbaachisutti deeggarsa gochuun barbaachisaadha.

Deebii Gilgaala 12

Jechoota hiika faallaa waliif qaban

1. E
2. A
3. F
4. C
5. B
6. D
7. C

Madaallii

Barattoonni haaluma qajeelfama jiruutiin hubannoo horatanii keessa darbuu isaanii hojii isaanii ilaaluudhaan mirkaneeffadha. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi!

Barannoo 8

Waliin dubbii (bittaafi gurgurtaa) (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota waliin dubbii bittaa-gurgurtaan walqabatan nishaakalu.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo kanaan barattoonni gaaffiifi deebii dhaabbata daldalaa tokko keessatti kan meeshaa bitu/ttu gurguru/tu waliin taasisan akka shaakalan barbaadame. Kanaafuu, jalqaba irratti akkayya gilgaala 13 jalatti dhiyaateef, akka hubatan taasisi! Boodarra haaluma akkayyichaatiin gilgaala 16 jalatti lama lamaan akka shaakalanii taasisi. Adeemsa kana keessatti meeshaa bittaafi gurgurtaaf oolu kan adda addaa ta'uu nidanda'a. Akkasumas, sadarkaa dandeettii barattoota keetii ilaaluudhaan jechoota fayyadamanis jijjiiruu nidandeessa.

Madaallii

Haaluma qajeelfama kennameetiin haala raawwiin barattootaa irra jiru ilaali! Yoo hanqinni ballaan jiraate, shaakala dabalataa akka taasisan gargaari!

BOQONNAA LAMA

WAQTIILEE

(BAAY'INA WAYITII 15)

(DHEERINA WAYITII 45')

SEENSA

Boqonnaa kana keessatti barattoonni keeyyata gabaabaa dhaggeeffachuufi dubbisuu shaakalu. Akkasumas, yaadolee callaa waan dhaggeeffataniifi dubbisanii himu. Adeemsa dhaggeeffachuufi dubbisuu keessattis jechoota waqtiileen walqabatan adda baasuun dubbisuu, barreessuufi itti fayyadamuu danda'u. Kana malees, barattoonni hiika jechootaa, jechoota lakkoofsa ibsan, fayyadama qubguddeessaa, gochimootaan korniyaa adda foo'uu, bamaqaa aantima sirrii agarsiisan, gummee kennameen dandeettii keeyyata barreessuu akka horatantu barbaadama. Kanaafuu, shaakaloota tokko tokkoo gilgaalotaa jalatti dhiyaatan haalaan shaakalchiisuun barbaachisaa ta'a.

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- keeyyata waa'ee **Waqitiilee** dhaggeeffatanii waan hubatan ni'ibsu;
- yaada ijoo dubbisa dhaggeeffatanii irra deebi'anii nihimu;
- keeyyata gabaabaa W**aqtiileefi Ji'oota** jedhu dubbisuun ergaa ijoofi calla isaa nihimu;
- jechoota kennamanif hiikaa walfakkii isaanii walitti nifiroomsu;
- lakkoofsota 71 hanga 100 jechaafi lakkoofsaan barreessuun nidubbisu;
- qubguddeessa gargaaramuun kallattiiwwan, maqaa dhuunfaa, ji'oota, guyyootaafi waqtiilee nibarreessu;
- gochimoota adda addaa gargaaramuun himoota kornayaa agarsiisan ni'ijaaru;
- bamaqaalee antima sirrii agarsiisaniin hima ni'ijaaru;
- gumee himaan qophaa'e irratti hundaa'uun keeyyata gabaabaa tokko nibarreessu.

Barannoo 1

Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- fakkii ilaaluun waan dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- dubbisa dhiyaatuuf caqasuun waqtiilee adda nibaafatu;
- gochoota waqtiilee waggaa keessatti raawwataman nihimu.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni dubbisa '**Waqtiilee'** jedhu dhaggeeffatanii gaaffilee gaafataman akka deebisantu barbaadama. Dubbisa dhaggeeffatan keessatti waqtiilee akka adda baafatantu barbaadama. Kanaafuu, jalqaba barattoonni wayitii kanatti maal hojjachuuf akka deeman itti himi! Mataduree dubbisa dhaggeeffachuuf deemaniitis gabateerratti barreessiif! Itti aansuun, gilgaala dubbisuun duraa shaakalsiisi! Barattoonnis fakkii kenname ilaaluun waan hubatan cimdii cimdiin ta'uun akka walitti himan taasisi! Waan irratti mariyataniifi hubatan dareef akka himan jajjabeessi. Asitti deebii kennuun sirraa hineegamu!

Kanatti aansuun, dubbisa qophaa'e aal sadan tokko dhaggeeffachiisi! Wayita dhaggeefatanis gaaffiilee bakka duwwaa guutuu gilgaala 2 jalatti kennaman dabtara irratti barreeffachuun akka guutan qajeelchi. Erga dhaggeeffatanii booda yaadolee waan dhaggeeffatan keessaa argatan bu'uureffatanii gaaffilee gilgaala 3 jalaa akka deebisan taasisi! Dubbisa dhiyaate erga dhaggeeffatanii booda gaaffiilee hubannoo akka deebisan taasisi! Haala barreessuufi dubbisuu irratti ofitti amanamummaan itti xiqqaachuu waan danda'uuf gargaari; jajjabbeessis! Dubbisa dhaggeeffataniin walqabatee waqtiileefi gochoota ijoo waqtiilee keessatti raawwatan akka tilmaaman taasisuun mirkaneessiif. Haalli qilleensaa biyya keenyaa nannoo tokkoo gara naannoo birootti adda adda ta'uu waan danda'aniif, waqtiileefi gochoota achi keessatti raawwataman kan naannoo isaanii akka himanis jajjabeessi. Dubbisni dhiyaatuuf kan armaan gadiiti.

Waqtiilee

Waqtiin qoqqoodinsa haala qilleensaa waggaa tokko keessatti argamu. Waggaan tokko waqtiilee afur qaba. Isaanis: Birraa, Bona, Arfaasaafi Ganna jedhamu. Birraan waqtii ililliin itti daraaru. Akkasumas, kan oomishni itti asheetuufi haammamu. Bonni waqtii Birraatti aanee argamu. Waqtii kanatti, oomishni sassaabama. Haalli qilleensaas ho'aafi lafti gogaa ta'a. Bonatti waqtii Arfaasaatu aana. Arfaasaan, yeroo ho'i itti dabaluufi roobni itti eegaluudha. Qophiin qonna gannaas kan itti eegaluudha. Waqtiin dhumaa, Ganna. Ganna yeroo roobni sirriitti roobuudha. Waqtii kana midhaan bal'inaan kan itti facaafamudha

Deebii Gilgaala 1: (Shaakala dhggeeffachuun duraa)

Deebiin gaaffilee gilgaala kanaa hubannoo barattootaa irratti kan hundaa'u ta'ee,

1. Barattoonni akkuma yaada barattootaatti fudhatama.
2. Qooddii haala qilleensaa/tibba waggaa
3. Afur. Isaanis Birraa, Bona, Arfaasaafi Ganna

Deebii Gilagaala 2

1. afur
2. Birraa
3. Birraa
4. Arfaasaa

Deebii gilgaala 3A (Shaakala dhaggeeffachuun boodaa)

1. Bona 2. Birraa 3. Ganna

Madaallii

Barannoo kanaan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu akka cimsatan taasisuutu barbaadame. Kanaaf, barattoonni waqtiileefi hubannoo waqtiilee irratti qaban bu'ureffachuun dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu gonfachuu isaanii gilgaala kenname hojjachiisuun mirkaneeffadhu! Kana keessattis, waqtiilee afraniifi haala amala waqtiileen qaban adda baafachuu isaanii gaaffii afaaniitiin adda baafadhu! Galma ga'iinsa kaayyoo barnootichaas mirkaaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi!.

Barannoo 2
Dubbisuu (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- waqtiileefi ji'oota waqtiilee keessatti argaman nidubbisu.
- dubbisa **Waqtiileefi Ji'oota** jedhu dubbisuun gaaffiilee hubannoo nideebisu.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni dubbisa **Waqtiileefi Ji'oota**jedhu dubbisanii maqaa ji'oottan waggaa Afaan Oromootiin dubbisuufi barreessuu akka danda'antu barbaadama. Ji'oottan waggaa kanniinis waqtiileen walqabsiisanii hubachuu qabu. Kanaafuu, jalqaba barattoonni wayitii kanatti maal hojjachuuf akka deeman itti himi. Mataduree dubbisa dubbisuuf deemaniitis gabateerratti barreessiif. Itti aansuun, gilgaala dubbisuun duraa shaakalsiisi. Gilgaala dubbisuun duraa keessatti, ji'oota waggaafi waqtiin tokko ji'oota meeqa akka qabu yaadachiisuuf baay'ee gargaara. Kanaafuu, Barattoonnis cimdii cimdiin ta'uun gaaffiilee dubbisuun duraa irratti akka mariyatan taasisi! Waan irratti mariyatanisafaaniin dareef akka himan carraa kennuun jajjabeessi!

Kanatti aansuun, dubbisa qophaa'e cimdii cimdiin ta'uun dabareen akka waliif dubbisan taasisi. Dubbisaa jiraachuu isaaniis keessa deddeemuun mirkaneeffadhu. Bakka isaan rakkisettis deeggarsa barbaachisu kenniif. Erga cimdiin dubbisanii booda, dareef akka dubbisan barattoota muraasaaf carraa kenniif. Yaadolee waan dubbisan irraa argatan bu'ureffatanii gaaffilee hubannoo gilgaala 4 dubbisa duraa jalatti kennamanii dhuunfaan akka hojjatan taasisi! Booda, cimdiin ta'uun deebii isaanii akka walitti agarsiisan taasisi! Dhumarrattis, waqtiileefi ji'oota gabatee gilgaala 5A/B irratti barattoonni akka guutaniif kenname, gabatee gurraacharratti barreessiif! Booda, barattoota muraasaaf carraa laachuun gabaticha guutuun ji'oota waggaa dareef akka dubbisan taasisuun jajjabeessi; deebii isaaniitis mirkaneessi!

Hub.

- Ji'oonniifi waqtiileen qubee guddaan kan jalqaban ta'uu isaanii hubachiisuu hindagatin.

Deebii Gilgaala 4: (Shaakala dubbisuun duraa)

1. Ji'oota kudha lama
2. Fulbaana, Onkoloolessa, Sadaasa, Mudde, Amajjii, Gurraandhala, Bitootessa, Ebla, Caamsaa, Waxabajjii, Adoolessaafi Hagayya.

Deebii Gilgaala 5A: Waqtiileefi ji'oota

Waqtii	Ji'oota		
Birraa	Fulbaana	Onkoloolessa	Sadaasa
Bona	Mudde	Amajjii	Gurraandhala
Arfaasaa	Bitootessa	Ebla	Caamsaa
Ganna	Waxabajjii	Adoolessa	Hagayya

Deebii Gilgaala 5B: Ji'oottan waggaa

TL	Ji'oota	TL	Ji'oota	TL	Ji'oota
1	Fulbaana	5	Amajjii	9	Caamsaa
2	Onkololeessa	6	Gurraandhala	10	Waxabajjii
3	Sadaasa	7	Bitootessa	11	Adoolessa
4	Mudde	8	Ebla	12	Hagayya

Madaallii

Barannoo kanaan barattoonni dandeettii dubbisuu akka cimsatan shaakalsiisuutu barbaadame. Kanas, waqtiileefi ji'oota waggaa Afaan Oromootiin barreessuufi dubbisuu; akkasumas, dubbii keessatti akka dhimma itti ba'aniif jecha kan dhiyaatedha. Kanaafuu, shaakaloota kennaman ifa gochuudhaan barattoonni akka keessatti hirmaatan taasisi! Dandeettii isaan duraan qaban irratti hundaa'uudhaan hojii dubbisuu milkeessuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu! Bakka hanqinni jirutti shaakala dabalataatiin tumsi!

Ji'oota Waggaa Dubbisuu

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- maqaa ji'oottan woggaa birsaga dheeratan dubbisuu danda'u;
- maqaa ji'oottan woggaa birsaga dheeratan barreessuu danda'u .

Gahee barsiisaa/-tuu

Jechoonni barannoo kana jalatti dhi'aatan ji'oota barattoonni dubbisan keessattishaakalaa turaniiddha. Ji'oonni filatamanis, kanneen birsaga dheeraa qabaniifi barattootni dubbisuufi barreessuu keessatti rakkachuu malu jedhamanii yaadamaniidha. Kanaafuu, haarawa miti! Waan kana ta'eef, jalqaba ji'oota barannoo 2 gilgaala 5A jalatti qoqqoodamuun kennaman gabatee irratti barreessi! Fakkeenya kennames akkuma qoqqoodamee jirutti erga dubbistee booda walitti makuunis dubbisii agarsiisi! Ittaansuun, barattoonni cimdii cimdiin akkatuma fakkeenya hojjatameetiin dabareen akka waliif dubbisan taasisi! Dhumarrattis, barattoonni muraasni kanneen gabateerraati barreessite walitti makuun akka dubbisan taasisi! Wayita walitti makanii barreessan ammoo, qubee guddaan jalqabuu isaanii hordofuun jajjabeessi! Shaakala gilgaala 5B jalatti kennames haaluma oliitiin qoqqoodanii akka dubbisan taasisi!

Deebii Gilgaala 6A

Fakkeenya

A – doo – les – sa = Adoolessa

1. Wa – xa – baj – jii = Waxabajjii
2. Gur – raan – dha – la = Gurraandhala
3. Bi – too – tes – sa = Bitootessa
4. On – ko – lo – lees –sa = Onkololeessa

Deebii Gilgaala 6B

Fakkeenya

Ebla = Eb - la

1. Birraa =Bir - raa
2. Arfaasaa =Ar – faa - saa
3. Mudde =Mud - de
4. Hagayya = Ha – ga - ya
5. Caamsaa = Caam - saa
6. Amajjii = A – maj - jii

Madaallii

Barattoonni ji'oottan waggaa birsaga dheeratanii amala addaa qaban dubbisuu danda'uu isaanii shaakala kenname hojjechiisuun mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti barattootaaf shaakala dabalataa kennuun milkaa'ina kaayyoo ji'oottan waggaa dubbisuufi barreessuu danda'uu mirkaneessi.

Barannoo 3

Fayyadama Jechootaa (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota dubbisa keessaa ba'aniifi hiika isaanii gabatee keessatti kennamaniin walitti firoomsuu danda'u
- ji'oota tartiiba lakkoofsaan walitti firoomsuu danda'u

Gahee barsiisaa/-tuu

Jechoonni barannoo kana jalatti dhi'aatan dubbisa barattoonni dubbisan keessaa kanneen funaanamani. Isaanis ji'ootaafi kanneen dubbisicha keessatti hammatamaniidha. Jalqabarratti, jechoota dubbisicha keessaa funaanaman hiikaa isaanii gabatee keessatti kennameen akka walitti firoomsan yaadamee kan dhiyaateedha. Inni lammaffaan, ji'ootaafi tartiiba lakkoofsaa isaan ittiin beekaman walitti firoomsuudha. Waan kana ta'eef, barattoonni hubannoo isaaniifi fakkeenya ati hojjattuuf irratti hundaa'uun akka walitti firoomsan taasisi. Barannoo 3 gilgaala 6B jalatti garuu, lakkoofsota sadarkaa ibsuuf jechaan barraa'an akka hubataniif waqtiileefi ji'oottaniin walqabsiisuudhaan ibsa gabaabaa fakkeenyaan deeggarame kenniif. Achiin booda, dura dhuunfaan; ittaansuun ammoo, cimdiin ta'uun akka hojjatan taasisi! Dhumarratti, ji'oonni roga 'B' jalatti kennaman meeqaffaa akka ta'an hubachuu isaanii dareef akka himan taasisuun adda baafadhu!

Deebii Gilgaala 7A

waqtii	kurfii	callaa	abaaboo	jalqabuu

Fakkeenya,

- oomisha = callaa

1. tibba = waqtii
2. ilillii = abaaboo
3. eegaluu = jalqabuu
4. qophii = kurfii

Deebii Gilgaala 7B

1. e 2. b 3. c 4. d 5. a

Madaallii

Barattoonni hiikaa jechoota waqtiileefi ji'ootaan walqabatan horachuu isaanii gilgaalota kennamaniifi shaakala dabalataa ati kennituuf hojjachiisuun mirkaneeffadha. Jechoota kennaman haalaan sagaleessuufi hiikaa isaanii beekanii dhimma itti ba'uu danda'uu isaanii karaa siif mijatu hundaan adda baafachuu yaali! Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi!

Barannoo 4

Lakkoofsota jechaan barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Lakkoofsota 71 hanga 100 jechaan barreessuufi dubbisuu shaakalu.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo kanaan barattoonni lakkoofsota 71 hanga 100 jiran jechaan sagaleessuufi barreessuu shaakalu. Akkasumas, kudhan irraa ka'uun dijiitii kudhan kudhaniin lakkoofsota hanga 100 jiranis xiyyeeffannoofi mirkaneeffannoof nishaakalu. Ta'us, lakkoofsota jechaan barreessuufi dubbisuu boqonnaalee torbaa hanga sagalii keessatti shaakalaa kan dhufan waan ta'eef, haarawa itti hinta'u. Muxannoo argatan irraa ka'uun dubbisuufi barreessuu nishaakalu jedhamee abdatama. Kanaafuu, jalqaba irratti barattoonni lakkoofsota gilgaala 7A roga A jalatti jechaan kennamaniifi kanneen lakkoofsaan roga Bjalatti kennaman dhuunfaan akka walitti firoomsan taasisi! Ittaansuun, waan hojjatan hiriyoota isaanii waliin akka waliif dubbisan taasisi. Dhumarrattis, barattoonni muraasni deebii isaanii dareef akka dubbisan jajjabeessi! Achiin booda, atis lakkoofsota 71 hanga 100 jiran gabateerratti barreessuun barattoonni akka jechaan barreessaniifi dubbisan jajjabeessi!

Deebii Gilgaala 8A: Lakkoofsota jechaan barreessuufi dubbisuu

1. c 2. d 3. f 4. a 5. b 6. e

Deebii gilgaala 8B.

Barattoonni lakkoofsota gabatee keessa jiran hubannoodhaan akka sagaleessan hordofuun bakka rakkatanitti deegaruudha.

Madaallii

Barattoonni lakkoofsota 71 hanga 100 jechootaan barreessuufi dubbisuu danda'uu isaanii gilgaalotaafi yaalii dabalataa kennituun adda baafadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataa kennuun madaali!

Barannoo 5

Jechoota qubee guddaan jalqaban barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota qubeen jalqabaa qubee guddaan barraa'uu qaban adda baafachuun barreessuu danda'u.

Gahee barsiisaa/-tuu

Boqonnaan kun akka cuunfaa qabxiilee boqonnaalee olitti barataniitti ilaalama. Barannoo kanaanis, barattoonni jechoota qubee guddaan eegaluu qabaniifi hinqabne adda baafatu. Sababni, boqonnaalee olii keessatti maqaalee dhuunfaa, kallattiiwwan, maqaa guyyootaa, waqtiileefi ji'oota waggaa barreessuufi dubbisuu shaakalaa turaniiru. Achi keessattis, kanneen eeraman kunniin qubee guddaan eegaluun akka barraa'uu qaban adda baafataniiru jedhamee yaadama. Kanaaf, barannoo kana keessatti, barattoonni jechoonni akkamii qubee guddaan eegalanii barraa'uu akka qabaniifi kaan adda baafatu jedhamee abdatama. Kanaafuu, gilgaala kenname dura dhuunfaan, booda cimdiin hojjechuun akka waliin shaakalan taasisi! Dhumarrattis, barattoonni muraasni fuulduratti ba'uun deebii isaanii gabatee irratti akka agarsiisaniifi dubbisan taasisuun deeggari. Shaakala dabalataas akkuma barbaachisummaa isaatti kennuun kaayyoo barnootichaa milkeessi!

Deebii Gilgaala 9:

Jechoota qubee gurguddaadhaan jalqaban

Qubee Guddaa		**Qubee Xiqqaa**
Kibba	Amiinaa	kamisa
Fulbaana	Sadaasa	dilbata
Ujuluu	Arfaasaa	roobii
Bona	Caaltuu	leenca
Baha	Ebla	
Finfinnee		

Madaallii

Barannoo kana keessatti, barattoonni jechoota qubee guddaan eegalanii barraa'aniifi qubee guddaan eegalanii barraa'uun hinqabne gilgaala kenname hojjachiisuun adda baafadhu. Yoo hanqinni jiraate, shaakala dabalataa akka taasisan hojmanee kennuun irra deebi'uun gargaari.

Barannoo 6
Gochimoota fayyadamuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- himoota keessaa gochima adda baasuunnibarreessu.
- gochimoota irraa kornayaa adda nibaasu.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni hima keessaa gochima korniyaan adda baasuu shaakalu. Kunis, barattoonni hima ijaaruu keessatti gochima konayaan adda baasanii fayyadamuu akka danda'an ga'oomsuuf kan yaadamedha. Kanaaf, jalqaba, barattoonni hima keessatti jechi dhuma himaatti argamu/gochimni kornayaa foo'uu kan danda'u ta'uu itti himuun gara shaakala hojjachuuf deemaniitti qajeelchi. Kanaanis, barattoonni fakkeenya ajaja 'A' kitaaba isaaniirra jiruufi ati kenniteef irratti hundaa'uun, dhuunfaan bakka duwwaa himootaa gochomoota hammattuu kennan keessafilachuun akka guutantaasisi. Erga gochima adda baafatanii booda immoo, gochimni isaan adda baafatan konayaa inni ibsu akka adda baasan taasisi. Itti aansuun, gochimaafi kornayaa adda baasan cimdii cimdiin walitti agarsiisuun akka waliif ibsan jajjabeessi. Dhumarratti, himoota gilgaala 10A jalatti kennaman gabatee irratti barreessuun barattoonni muraasni gochimaafi koorniyaa inni agarsiisu akkatuma fakkeenya kennameetiin akka agarsiisan qajaalchuun jajjabeessi! Sirreeffamaafi shaakala barbaachisus kenniif!

Ajajni 'B' gochimoota kennamaniin hima lama kan kornayaa lachuu ibsu akka ijaaran shaakalsiisuudha. Jechoonni kennaman kanuma barattoonni karaa adda addaan shaakalaa dhufan waan ta'aniif hinrakkisan jedhamanii abdatamu. Ta'us, hiikaa isaanii yaadachiisuun eegali. Ittaansuun, fakkeenya kitaaba isaanii irratti kenname gabateerratti barreessuun qajeelchi! Booda, akkaataa fakkeenya kennameetiin dhuunfaan akka hima ijaaruun konayaa akka adda baasan taasisi! Hima ijaaranis hiriyoota isaanii waliin akka walitti agarsiisan taasisi. Dhumrratti, jechoota kennaman gabatee irratti erga barreessitee booda barattoota muraasaaf carraa kennuun gabateerratti hima ijaaruun kornayaa akkaadda baasan taasisi! Yaalii isaaniifis haalaan jajjabeessi. Sirreeffama barbaachisus kennuun kaayyoo barnootichaa milkeessi!

Deebii Gilgaala 10

A:Hima Kenname Keessaa Gochima Korniyaan Adda Baasuu

1. gochima – dhuge

   kornayaa - dhiira

2. gochima - bitte

   kornayaa - dubara

3. gochima - dhiqate

   kornayaa - dhiira

4. gochima - teesse

   kornayaa - dubara

5. gochima – deeme

   kornayaa – dhiira

Deebii Gilgaala 10
B Hima ijaaruu

Barattoonni jechoota kennaman fayyadamuun himoota akka ijaaran jajjabeessuun gaariidha. Deebiin isaan kennan jechoota dhiyaataniin hima ijaaruu akka shaakalan jajjabeessuudha malee hima tokkicha irratti daangessuun hinbarbaachisu. Kanaafuu, hima ijaaruu danda'uu isaanii mirkaneefachuudhaan, sirreeffama kennuufiidhaan qajeelchi.!

Madaallii

Barattoonni akkaataadhuma qajeelfama kennameetiin tartiiba caasaa hima Afaan Oromoo eeguun hima ijaaruu danda'uu mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi!

Barannoo 7
Keeyyata Gabaabaa Barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- duraa duuba gochaa eeguun himootaan keeyyta nibarreessu;
- keeyyata jalqabamee hafe barreessanii xumuru.

Gahee barsiisaa/-tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni keeyyata barreessuu nishaakalu. Jalqabarratti barattoonni himoota kennaman adda baafachuudhaan duraa duuba ijaarsa isaanii nisirreessu. Sanaan booda himoota tarreeffamanii jiran sana walqabsiistuu adda addaa fayyadamuudhaan yaada himootaa walitti akka fidan taasisudha! Dhuma irratti himoota walitti dhufan sanaan keeyyata ergaa guutuu ta'e dabrsu tokko akka barreessan taasisi. Yeroo isaan himoota walitti fidanii qindeessuun keeyyata ijaaran kana jajjabeessaa adeemi. Sirreeffamaafi shaakala barbaachisus gilgaala 11 jalatti akka hojjetan kenniif!

Gilgaala 12 jalatti immoo fakkii dhiyaata ilaaluun akka adda baafatan taasisi. Erga fakkii addaa baafatanii booda immoo, keeyyata jalqabamee hafe akka xumuraniif qajeelfama barbaachisu kenniif! Dhuma irratti hojii barattootaa ilaaluun jajjabeessuufi keeyyata barreessanis dareef akka dubbisan taasisi! Hojiilee barattootaa kanaaf bakka barbaachisutti deeggrsaafi tumsa barbaachisu taasisi! Yaalii isaaniifis haalaan jajjabeessi. Sirreeffama barbaachisus kennuun kaayyoo barnootichaa milkeessi!

Deebii gilgaala 11: Keeyyata hiika qabu barreessuu
Keeyyata Barreeffame

Dhaabaafi Hawwiin obbolaadha. Mana barumsaa tokko baratu. Hirriiba isaanitii yeroon ka'u. Akkuma hirriibaa ka'aniin gara mana fincaanii deemu. Achii booda, harkaafi fuula isaanii saamunaadhaan dhiqatu. Akkuma dhiqataniin, wayyaa mana barumsaa uffachuun dabtara isaanii qopheeffatu. Itti aansuun ciree nyaatu. Erga nyaatanii booda, harka dhiqachuun gara mana barumsaa deemu.

Deebii gilgaala 12

Gilgaala kana barattoonni fakkii irratti hundaa'uun jaechoota mataa isaanii karaa adda addaa fayyadamuun xumuruu waan danda'aniif, deebiin barattoota hundaa walfakkaachuun dirqama miti. Kanaaf hojii isaanii ilaaluun sirreeffama kennii jajjabeessi.

Madaallii

Barattoonni akkaataa qajeelfama kennameetiin himoota tartiibaan kaa'uu isaanii mirkaneeffachuudha. Itti aansuun immoo, fakkii ilaalanii keeyyata jalqabamee hafe xumuruu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa ta'a. Bakka deeggrasi barbaachisutti shaakala dabalataatiin cimsi.

BOQONNAA SADII

WALGARGAARSA

(BAAY'INA WAYITII 15)

(DHEERINA WAYITII 45')

SEENSA

Boqonnaa kana keessatti barattoonni fakkii ilaaluun dandeettii yaada qindeessanii dubbachuu gabbifatu. Mata duree kennameef irratti barattoonni dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu isaanii daran cimsatu. Akkasumas, barreeffama kennameef gahumsaan sagalee olkaasanii akka dubbisan, maxxantoota jechootaatti gargaaramuun himoota

ni ijaaru. Itti dabaluun, gilgaalota hima dachaafi hima xaxamaa qaban adda baasanii nibarreessu. Gama biraatiin, boqonnaa kana keessatti mala baruu barsiisuufi tooftaa barattoota ittiin madaalamantu hammatamee jira.

Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- Afee/dubbisa kenname dhaggeeffachuun calaqqee yaada isaanii ibsu.
- Saffisa madaalawaa ta'een keeyyata gabaabaa tokko sagalee olkaasanii dubbisu.
- Maxxantoota jechootaatti gargaaramuun himoota ijaaru.
- Himoota dachaafi xaxamaa barreessu.

Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Barreessuu
- Dubbisuufi Barreessuu
- Seerluga

Mala Baruu Barsiisuu

Barattoonni haala qabatama naannoo isaanitiin walqabsiisanii yaada akka keennan jajjabeessaa!

Akkasumas, fakkicha ilaaluun akka tilmaaman isaan taasisaa!

Gilgaala 2

Gaaffilee Shaakalaa Gilgaala 2 jala jiran dubbisa dhiyaate irratti hundaa`anii kan deebifamanidha; barattoonni akka dabtara isaanirratti garagalfatanii shaakalan taasisi!

Barannoo Tokko

Dhaggeeffachuufi Barreessuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

Barattoonni haala qabatama naannoo isaanitiin walqabsiisanii yaada akka keennan jajjabeessaa! Akkasumas, fakkicha ilaaluun akka tilmaaman isaan taasisaa!

Qaro-dhabeeyyii Deeggaruu

Daa'imman qaro-dhabeeyyiin deeggarsa barbaadu. Deeggarsa isaanif taasifamuu qabu keessaa inni tokko akka isaan baratan haala mijeessuufiidha. Kunis meeshaa barumsaaf isaan gargaaru kan akka bireelii bituufiidha. Inni biroon ammoo, ulee kallattii isaan agarsiistu bituun kennuufidha.

Kana malees, daandii isaan irra deeman mijeessuun gargaaruudha. Itti dabalees, hawaasni ilaalcha dogoggoraa waa'ee isaaniif qabu akka sirreeffatu barsiisuudha.

Daa'imman kanneenis hojii namni qaama guutuu ta'e hojjatu hojjechuu akka danda'an gorsuufi jajjabeessuutu nurraa eegama. Walumaagalatti, daa'imman qaro-dhabeeyyii gama barbaachisaa ta'een gargaaruun gahee namoota hundumaati

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Barsiisa/tu, yeroo dubbisuufii taatan barattoonni yaadannoo qabachaa akka dhaggeeffatan, itti aansuun immoo, gaaffilee yeroo dhaggeefachuu kennameef sana akka guutan dursaa itti himaa. Gidduu gidduuttis barattoota keessan ilaaluu hindagatinaa.

Deebii Gilgaala

1. Mijeessuu
2. Kallattii
3. Qaro-dhabeeyyii

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

Yaada isaanii irraa fuudhuun duubdeebii kennaafi. Barattoonni keessan yemmuu dubbisan xiyyeeffannoon akka dubbisan itti himaa! Gaaffilee hubannaa isaaniif kennamee haala dubbisichaafi muuxannoo isaanii walitti qabanii deebisuu isaanii ilaalaa! Kana gochuun keessan barattoonni dubbisa gargaraa dubbisuun ergaa isaa hubachuu akka danda'an isaan taasisa! Barnoota biroos dubbisanii ergaa ijoo akka baasanfi firii gaariis akka argatan isaan taasisa. Kanaaf barattoota keessan duuka bu'uu hindhiisinaa; jajjabeessaa!

Barannoo Lama
Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisa Duraa

Barattoonni gargaarsa qaama miidhamtoota naannoo isaanii haala akkamiin akka gargaaran yaada isaanii barreeffamaan akka kaa'aniifi waliif dubbisan jajjabeessaa!

Gilgaala 5A: Gochaalee Yeroo Dubbisaa

1. Hojii gaarummaa isaan hojjataniin sanaan badhaafaman.

   Yaadota biroo kan barattoonni jedhan harkaa fuudhuun karaa itti agarsisaa!

2. Ulee kallattii agarsiistu, wilchariifi bireelii.

Gilgaala 8A: Gochaalee Dubbisaan Boodaa Deebii

1. soba
2. soba
3. soba
4. dhugaa
5. dhugaa

Deebii 8B

1. c 2. e 3. d 4. a 5. b

Deebii 8C

1. a
2. b
3. a
4. c
5. a

Gilgaala 9

Gilgaala kana keessatti barsiisaa/tuu, barattoonni dubbisa dubbisaa gabatee keessatti deebii isaa akka guutan taasisiaa! Gabaticha immoo dabtara isaanii irratti akka dursanii barreeffatan taasisaa!

Maqaa Barattootaa	Kutaa Isaanii	Dandeettii Isaanii	Sadarkaa Isaan Bahan	Gumii Keessatti Hirmaatan	Mana Barumsa Isaanii
Rabbirraafi Kookeet	4ffaa	cimoo	1ffaafi 2ffaa	Aadaafi dagaagina Afaan Oromoo	Qaallittii sad.1ffaa

Gilgaala 10:

Barsiisaa/tuu, dursii barattootaaf fakkeenya gabaabduu akkaataa qaama miidhamtoonni itti gargaaraman himoota gaggabaaboon barreessuun itti agarsiisaa! Itti aansuun isaanis immoo kan mataa isaanii dabtara isaanii irratti akka barreessan qajeelchaa! Barreeffama isaanii ilaaluunis duubdeebii kennaafii!

Fakkeenya

1.Qaro-dhabeeyyif bireelii bichisiisuu

2.Dubbisa dubbisuufi

Gilgaala 11

Saffisaan dubbisuu isaanii sirritti hordofaa. Barattoota yemmuu dubbisan saffisaafi sirruummaa isaanii eeganii dubbisuu isaanii irra deeddebiin shaakalsiisaa! Kunis, sirrummaa yoo jennu, sagalee laafaa, sagalee jabaa, sagalee dheeraa, sagalee gabaabaa,irra butaa, hudhaa,kkf sirreessanii dubbisuu isaanii ilaalaa! Saffisa ennaa jedhamu immoo yeroo kennameef keessatti barattoonni haala sadarkaa isaanitiin gituu danda'uu isaanii ilaaluun gahumsa kana akka horatan shaakalsiisuun jajjabeessaa!

Barannoo Sadii

Seerluga

Yaadannoo Maxxantoota

Maxxantuu jechuun akkuma maqaan isaa ibsu of danda'ee Kan hindhaabbaneefi ergaa guutuu kan hindabarsineedha. Maxxantoonni kunis maxxantoota duraafi maxxantoota boodaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu.

A. Maxxantuu Duraa: Maxxantuun duraa jalqaba jechaarratti hirkatee gala.

Fakkeenya	1. Wal-	walbaruu
	2. hin-	hinqabu

B. Maxxantuu Boodaa: Maxxantuun boodaa immoo, jecha of danda'e irratti gara boodaatiin maxxanee kan galuudha.

Fakkeenya	1. –oota	namoota
	2. –f	Ayyaantuuf

Gilgaala 12

Barattoonni gilgaala kana keessatti jechoota maxxantoota qaban akka jala sararan taasisudha. Inni kun barattoonni himoota adda addaa keessatti jechoonni maxxantoota qaban jiraachuu isaaniifi jechoota sana adda baasanii beekuu shaakalu . Kunis, barattoonni himoota yemmuu barreessan maxxantoota garagaraa fayyadamuun himoota barreessuu shaakalu.

Deebii

1.Konkolaatichi

2.Mucaan/ganamaan

3.Isheef

4.Hinqabu

5.Meeqatti

6.Namni/seeraan

7.Gaaddiseen /waljaalatu

8. Abbaan /deemuudhaaf

9.Oromiyaan/laggeen

10.Finfinneen/Oromiyaati

Gilgaala 13

Gilgaalli kun barattoonni jechootarraa maxxantuu adda addaa baasu. Inni kun bakka barbaachisaa ta'etti jechootatti maxxantuu qaban iddoo sanaaf yookiin seerluga sanaaf ta'uu danda'u yeroo barbaadanitti akka dhimma itti bahan isaan taasisaa! Barattoonni hundinuu gaaffii gilgaala kanaa dabtara irratti barreessuun deebii isaanii akka kennan taasisaa! Deebii isaanii erga kennanii booda dareetti fidanii hiriyyoota isaanii waliin akka mari'atan taasisaa! Dhuma irratti, deebii barattootaa harkaa fudhuun deebii sirrii ta'eefi ibsa barbaachisaa ta'e kennaa!

1.-wwan

2.-lee

3.-dhaan

4.-an

5.-een

6.-tti

7.-n

8.-icha

9. -f

10. -ota

Gigaala 14

Barattoonni maxxantoota armaan olitti shaakalaa turan sana himoota kennameef keessatti jechoota maxxantoota qaban galchu. Inni kun barattoonni hubannaa jechoonni maxxantoota qaban himoota keessatti galuu danda'uu isaanii hubatu. Kanaaf, barattoonni gilgaala kana dabtara irratti barreeffachuun deebii isaa akka barreessan isaan taasisaa! Erga dhuunfaan hojjetanii booda hiriyoota isaanii waliin akka waliif ibsan taasisaa! Sana booda barattoota daree guutuu waliin akka irratti mari'atan taasisaa! Isinis dhumarratti yaada barattootaa walitti qabuun deebii sirrii ta'e kennaafii!

Deebii

1.-tti

2.-af

3.-n

4.-n

5.-een

Gilgaala 15

Himoota walqabsiistota qaban garuu iddoo tokkotti kan hinbarreeffamne addaan citan hafan haala ergaa isaanitiin walitti fiduun firoomsu. Barattoonni gilgaala kana yemmuu hojjetan adeemsa himoonni itti ijaarraman hubatu. Kanaaf, gilgaala kana xiyyeeffannoon hojjechisaa!

Deebii

1. b
2. f
3. 3.a
4. e
5. d
6. c

Gilgaala 16

Himni dachaa ciroo of danda'oo lamaafi lamaa ol of keessaa qaba. Kana jechuun himni dachaan ergaa lamaafi lamaa ol of keessaa qabaachuu danda'a.

Fakkeenya

Abdiin harka dhiqatee irbaata nyaatee rafe. Hima kana keessatti gochima saditu jiru. Isaanis: 'dhiqate', 'nyaate' kan jedhuufi 'rafe' kan jedhudha. Ergaa sadiitu jira jechuudha

Deebii

Hima Dachaa

1. Tolaan mana yaalaa deemee deebi'e.
2. Tufaan Finfinneetti dhalate; Rahiimaan immoo Asallaatti dhalatte.
3. Dabalaan farda bite; Badhaasaan garuu, harree bite.

Hima Xaxamaa

Hima xaxamaa jechuun ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol ciroo of danda'aa tokko kan of keessaa qabuudha. Yeroo baay'ee himni xaxamaan ciroo hirkataa waliin deema.

Fakkeenya

Mana fincaanitii yemmuu deebitu,harka kee saamunaan dhiqadhu. Yoo jabaattee qo'atte, qabxii gaarii argatta.

Himoonni armaan olii lamaanuu hima xaxamaadha. Hundi isaanii ciroo ofdanda'aafi ciroo hirkataa of keessaa qabu. Kanaafuu, himni xaxamaa ciroo ofdanda'aafi hirkataa irraa kan ijaaramudha.

Ciroo

Ciroon qaama himaa ta'ee, matima qabaachuu kan danda'uufi gochima dirqamaan qabaatee ergaa guutuu dabarsuus dhiisuus kan danda'udha.

Gosoota Ciroo

Amalaafi faayidaa isaan kennan irratti hundaa'uun ciroo bakka lamatti qoodama. Isaanis: ciroo of danda'aafi ciroo hirkataadha.

Ciroo of danda'aa: jechuun akka hima tokkootti ergaa guutuu dabarsuu kan danda'udha.

Fakkeenya

Namni miila lamaan deema.

Ciroo hirkataa: jechuun qaama himaa ta'ee of danda'ee ergaa guutuu ta'e kan hindabarsinedha.

Fakkeenya

Otoo akka garaa koo ta'ee,manni kun kan kooti. Barumsi waan itti cimeef,qorumsa kufe.

Ciroo hirkataan ergaa guutuu dabarsuuf ciroo ofdanda'aa irratti hirkachuu qaba. Walumaa galatti, himni xaxamaan ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol, ciroo of danda'aa tokkorraa ijaarama.

Deebii

1. Sooreen waan dheebotteef, bishaan dhugde.
2. Yoo ariifatta ta'e, konkolaataa isaa kanaan deemi.
3. Sirriitti yoo qo'atte, gara kutaa itti aanutti dabarta.

Tooftaa madaallii

Seensa

- Barsiisa/-tu; Boqonnaa kana keessattis shaakaloota dhiyaatan irratti hundooftanii barattoota keessan madaaltu. Kanaafuu, barnoota guyyaa guyyaan adeemsiifamu keessatti barattoota madaallii walitti fufiinsa qabuun madaaluun murteessaadha. Kunis, laafinaafi cimina barattootaa adda baasuuf gargaara. Gochaawwan boqonnaa kana keessa jiraniin dandeettiiwwan afaaniifi seerluga madaaltu. Fakkeenyaaf, hiika jechootaa kennuu, Maxxantoota adda addaa irratti hubannoo argachuu isaanii madaalaa.
- Dandeettii Dhaggeeffachuu Duraa: Dandeettiiwwan kun shaakala dhaggeeffannaa duraa keessatti kan madaalamudha. Iddoo kanatti barattoota gareen gurmeessuudhaan muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffannaatti fiddanidha. Gaaffilee Gochaalee kana jalatti dhiyaataniif barattoonni keessan gareedhaan mari'atanii bu'aa marii isaanii waliif akka ibsan mirkaneessaa! Dubbisa "Qaro Dhabeeyyii Deeggaruu" jedhu irra deebiin dubbisaafiitii barattoonni keessan deebii sirrii bakka duwwaa guutii hojjachuu isaanii madaalaa. Dabalataaniis, fakkii ilaalanii waan hubatan deebisanii dubbachuu isaanii madaalaa.
- Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu: Barattoonni dubbisa "Qaro Dhabeeyyii Deeggaruu" jedhu dhaggeeffachaa gaaffilee bakka duwwaa dhiyaatan dalaguu isaanii addaan baasaa!
- Gochaalee Dhaggeeffachuu Boodaa: Dubbisa 'Qaro Dhabeeyyii Deeggaruu' jedhu qajeelcha barsiistotaarra jiru dubbisuun gaaffilee hubannaa hojechuu madaalaa!
- Gochaalee Dubbisa Duraa: Barattoonni muuxannoo duraan qaban gara dubbisaatti fiduun waliin mar'achuu isaanii madaalaa Fakkiiwwan dubbisa dura dhiyaatan barattoonni ilaalanii ergaa isaa tilmaamuu isaanii madaalaa. Akkasumas, gaaffiiwwan dubbisa duraa afaaniin deebisuu isaanii sirriitti hordofaa.
- Gochaalee Yeroo Dubbisaa: Dubbisa kitaaba isaanii boqonnaa kana keessa jiru irra deddeebiin akka dubbisan erga gootanii booda, gaaffilee yeroo dubbisaa kanneen haala gaafatamaniin hojjechuu isaanii ilaalaa. Gilgaalicha barattoonni sirnaan hojjechuu isaanii xiyyeeffannoon sirriitti madaalaa.
- Gochaalee Dubbisa Boodaa: Gaaffilee dubbisa keessaa bahan kanneen akka deebisaniif isaaniif dhiyaate hubannoo isaanii adda baafachuuf deebii sirrii deebisuu isaanii adda baafadhaa. Itti fufuudhaan, gilgaalota keessatti gaaffiilee gabatee guutuu isaanii madaalaa!

- Barattoonni jechoota maxxantoota qaban adda baasuun barreesuu isaanii ilaalaa. Jechootattis maxxantoota garagaraa jechootatti maxxansuu danda'uu ilaalaa! Akkasumas, barattoonni jechoota maxxantoota qabaniin hima sirrii ta'e ijaaruu isaanii madaalaa!
- Walumaagalatti, barattoota keessan yeroo madaaltan tooftaawwan madaallii adda addaatti fayyadamuun barbaachisaadha.

BOQONNAA AFUR

NAGEENYA TIRAAFIKAA

(BAAY'INA WAYITII 15)

(DHEERINA WAYITII 45')

SEENSA

Boqonnaa kana keessatti barattoonni dandeettiiwwan afaanii arfan jechuunis; dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuu dagaagfatu. Dubbisa isaaniif barreeffame dubbisuun gahumsa dubbisuu isaanii cimsatu. Faaruu seera tiraafikaa dhaggeeffachuun ergaa isaa adda baafatu. Hiika jechootaa haala galumsaafi faallaa jechootaa barreeffama keessaa bahanii ni kennu. Seerluga keessatti immoo waa'ee maalummaafi faayidaa walqabsiistotaa hima xaxamaa keessatti fayyadamu. Gama biraatiin, boqonnaa kana keessatti mala baruu barsiisuufi tooftaa barattoota ittiin madaalamantu

hammatamee jira.

Kaayyoo

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni,

- Afee/dubbisa kenname dhaggeeffachuun faaruu waa'ee 'Nageenya Tiraafikaa' faarsu.
- Gahumsa madaalawaa ta'een keeyyata gabaabaa tokko sagalee olkaasanii dubbisu.
- Jechoota haala qabatamaa jireenya isaanii waliin walitti fidu.
- Walqabsiistota hirkatootti gargaaramuun himoota dachaa ijaaru/barreessu/.

Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Dubbisuu
- Barreessuufi seerluga

Mala Baruu Barsiisuu

Barannoo Tokko
Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

Jalqaba barattoonni faaruu kanaan dura dhaggeeffatan yoo jiraate hiriyoota isaanii waliin akka walitti himan haala mijeessaa! Sodaa malee akka farfataniis jajjabeessaa!

Faaruu

Suutuma suutaa…… suutaa suutaa x2

Suutuma suutaa…… suutaa suutaa x2

Suutuma suutaa…… suutaa suutaa x2

Hinjarjariin suuta suutaa

Hinjarjariin suuta suutaa suutaa suutaa

Suutuma suutaa suutaa suutaa

Suutuma suutaa maaf jarjartaa suuta suutaa

Sutumaa suutaa nagaa taatuu Jimma buutaa

Suutuma suutaa hinjarjariin suuta suutaa

Suutuma suutaa nagaa taatuu Jimma buutaa

Maa akkaana taataa maalif kaatta maaf maraattaa

Maa akkaana kaattaa nagaa taatu Shaggar baataa

Maa akkaana taataa maalif kaattaa maalif maraattaa

Maa akkana kaattaa nagaa taatu Shaggar baataa.

Suutuma suutaa

Matoobiliin Jimma keessaa .....suutuma suutaa

Kan darberraa baradhuutii..... suutuma suutaa

Konkolaataan Wallaggaahoo…..... suutuma suutaa

Kan darberraa baradhuutii…..... suutuma suutaa

Matoobiliin Dirree Dawaa…..... suutuma suutaa

Kan darberraa baradhuutii…..... suutuma suutaa

Isuuzuu Harar keessaa…..... suutuma suutaa

Kan darberraa baradhuutii…..... suutuma suutaa

Konkolaataa Finfinneerraa… .....suutuma suutaa

Kan darberraa baradhuutii…..... suutuma suutaa

Qabeenyaaf lubbuu balleessaa… ..... suutuma suutaa

Balaan baay'ee nama miitii…..... suutuma suutaa

Maa jarjartaa suutaa suutaa,.....suutuma suutaa

Nagaa taatu Jimma buutaa… ..... suutuma suutaa

Maa jarjartaa suuta suutaa…..... suutuma suutaa

Nagaa taatu Jimma buutaa

Suutuma suutaa maaf jarjartaa suuta suutaa

Suutuma suutaa nagaa taatuu Jimma buutaa

Suutuma suutaa hinjarjariin suuta suutaa

Suutuma suutaa nagaa taatu Jimma buutaa

Maa akkaana taataa maaf kaatta maalif maraattaa

Maa akkaana taataa nagaa taatu Shaggar baataa X2

Suutuma suutaa

Hinbilbiliin bilbilakee… .....suutuma suutaa

Bilbilli sidagachiisaa… .....suutuma suutaa

Fallishee yoo tasgabbooftee… .....suutuma suutaa

Galtee maatii gammachiistaa… .....x2 suutuma suutaa

Suutuma suutaa

Namni suuta suuta deemuu… ..... suutuma suutaa

Galee maatii gammachisee… ..... suutuma suutaa

Wanti dura dura kaatuu…..... suutuma suutaa

Qabee maatii gaddisiisee…..... suutuma suutaa

Maaf jarjartaa suuta suuta… ..... suutuma suutaa

Suutuma suutaa nageenya biyyaatti buutaa Suutuma suutaa maaf jarjartaa suuta suutaa Suutuma suutaa nagaa taatu Jimmaa buutaa Maa jarjartaa hinjarjariin suuta suutaa

Maa jarjartaa nageenya biyyaatti buutaa Maa jarjartaa akkoofi akaakaatti buutaa Maa jarjartaa barataa keenyatti buutaa Maa jarjartaa nageenya biyyaatti buutaa Maa jarjartaa akkoofi akaakaatti buutaa Maa jarjartaa nageenya biyyaatti buutaa Maa jarjartaa hinjarjariin suuta suutaa x2 Suutaa suuta suutaa suuta suuta suutaa x3

Maddi: Sirba Shuumat Iddoosaarraa kan fudhatameedha.

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Gilgaala kana jalatti barattoonni osoo dubbisa dhiyaate hindhaggeeffatiin dura gaaffilee gaafataman dubisuu qabu. Yemmuu dhaggeeffatan akka barattoonni gaaffilee dhiyaatan hordofan taasisaa. Dubbisa dhiyaate hanga sadii yoo dubbiste gahaadha. Marsaa isa jalqabaa irratti barattoonni qalbiin dhaggeeffatu. Isa lammaffaa irratti immoo yaadannoo fudhatu. Marsaa isa sadaffaa irratti wanti isaan fudhatan sirrii ta'uu isaa mirkaneeffatu.

Deebii

1. soba
2. dhugaa
3. dhugaa
4. soba
5. dhugaa
6. dhugaa
7. soba
8. dhugaa
9. dhugaa
10. dhugaa

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

Barattoonni faaruu waa'ee seera tiraafikaa dhagahan, irra deebi'anii akka faarfatan taasisaa.Ergaa keessa jiru akka baasanii irratti mari'atan godhaa. Akkasumas, gaaffilee faaruu dhaggeeffatan irratti

hundaa'ee bahe sirnaan hojjachiisaa.

Barannoo Lama

Dubbisuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisa Duraa

Kaayyoon gochaalee dubbisa duraa kanaa wantoota barattoonni barachuuf deeman wanta duraan beekan wajjin walqabsiisuun yaada isaanii akka ibsataniif tilmaama isaanii akka dubbataniifi. Kanaafuu, kanatu sirriidha yookiin kanatuu sirrii miti osoo hinjedhiin barattoonni wanta isaanitti fakkaatu gaaffilee gochaalee dubbisa duraa jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu qabdu. Itti dabaluunis mallattoolee seera tiraafikaa ibsan muuxannoo kanaan dura beekan gareen akka wal yaadachisan taasisaa!

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

Barattoonni dubbisicha dubbisaa gaaffilee gilgaala kana keessa jiran akka hojjetan taasisaa! Dursanii gaaffilee akka dubbisan itti himaa!

1. dhugaa
2. soba
3. dhugaa
4. soba
5. dhugaa

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisa Boodaa

Deebii gaaffilee gochaalee kana jalatti dhiyaatan akka barattoonni isa dubbisa duraa keessatti tilmaaman sun sirrii ta'uufi sirrii ta'uu baachuu isaa iddoo guutummaatti itti hubataniidha. Isa yeroo dubbisaa argatan muuxannoo isaanitiin walqabsiisanii yeroo itti mirkaneeffatan, yeroo itti madaalaniifi ittiin ofilaalaniidha. Kanaafuu, kan duraan beekan kan dubbisanii argataniin walitti fiduun hiika baruuf isaan fayyadu tokko yeroo itti addaan baafataniidha. Gaaffilee kitaaba kana keessatti dhiyaataniif deebiiwwan garagaraa kennamuu danda'u. Kanaafuu, barattoota keessan waliin dammaqinaan irratti mari'achuun akka hubatan taasisaa.

Gilgaala 7: Gahumsaan Dubbisuu

Barattoonni sagalee olkaasanii dubbisa dhiyaate gahumsaan akka dubbisan taasisaa. Iddoo hanqinni mul'atetti qajeelchaa deemaa! Gahumsa sadarkaa isaanitiif gituun dubbisuu isaanii ilaalaa.

Kunis, saffisaafi sirrummaa isaa eeganii dubbisuu waan qabaniif irra deddeebiin shaakalsiisaa.

Barannoo Lama

Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8

Jechoota gilgaala itti aanan keessatti kennameef faallaa isaanitiin akka walitti firoomsaniifi hiika galumsa jechoonni himoota keessatti qaban deebisuu isaanii mirkaneessaa. Guyyaa guyyaatti barattoonnii fayyadamni jechoota isaanii dabalaa deemuu qaba. Kanaaf, jechoota adda addaa haala garagaraan hiikuun akka itti fayyadaman sirritti shaakaluu qabu.

1. d
2. c
3. f
4. a
5. 5. b
6. e
7. h
8. i
9. j
10. g

Gilgaala 9

A. Gilgaalli kun barattoonni jechoonni galumsa himaa keessatti hiika qabaachuu isaa beekanii akka

itti fayyadaman kan isaan gargaarudha. Kanaaf, jechoonni hiika galumsaa qabaachuu isaa sirritti ibsaafi shaakala garagaraatiin shaakalsiisaa!

Deebii

1. c
2. a
3. c
4. a
5. a
6. b
7. c
8. c
9. b
10. b

Deebii B

Barattoonni hiika jechoota gilgaala kana keessatti kennameef haala hiika isaanitiin walitti firomsuun hojjetu. Inni kun barattoonni dandeettii hiika jechootaa hubachuun bakka barbaadanitti akka itti fayyadamuu danda'an isaan taasisaa! Kanaaf barattonni gilgaala kana dabtara isaanii irratti akka barreessanii deebisan. Akkasumas, hiriyyoota isaanii waliin akka irratti mari'atan taasisuun dhumarratti deebii sirrii ta'e kennaafii!

Deebii

1. e
2. h
3. a
4. f
5. b
6. j
7. c
8. i
9. g
10. d

Barannoo Afur

Barreessuufi Seerluga

Gilgaala 10

A. Walqabsiistota hirkatootiin fakkeenya adda addaa kennuu karaa agarsiisaa, kan gilgaala kana keessa jirus hojjechiisaa.

1. waan
2. yoo
3. osoo
4. erga
5. akka

Deebii B

Barattoonni gilgaala kana keessatti himoota jechoota walqabsiistota hirkataa qaban adda baasuun jala sararu. Barattoonni walqabsiistota hirkataa adda baasanii beekuun isaanii haala caaseffama himaa keessatti himoota xaxamaa kanneen jedhaman haala kamiin akka ijaaramu nihubatu. Gilgaala kana dursanii dabtara isaanii irratii barreessuun deebii isaa akka deebisan taasisaa! Erga dhuunfaan hojjetanIi booda daree guutuu waliin ta'uun deebii isaan kennan irratti bal'inaan mariisisaa! Barattoonni hubachuu isaan rakkisa yoo ta'e himoota adda addaa barbaaduun shaakalsiisaa! Dhumarratti, yaada barattootaa fudhachuun ibsa barbaachisaa ta'e kennaafii!

1. yemmuu
2. akkuma
3. utuu
4. Yoo
5. akkuma
6. erga
7. iyyuu
8. utuu
9. yoo….malee
10. osoon

Gilgaala 11

Barattoonni walqabsiistota hirkatootti fayyadamanii hima xaxamaa akka ijaaran taasisaa. Akkasumas, gaaffilee gilgaala kanaa haala sirrii ta'een hojjechuu isaanii ilaaluun duubdeebii sirriita'e kennaafii.

Gaaffilee keessa deebii

Gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebisi!

1. Seerri tiraafikii akka hinkabajamne kan taasisan maal fa'i?
2. Seerri tiraafikii akkamitti kabajamuu danda'a?
3. Konkolaachisaan akkamitti balaa tiraafikiif sababa ta'aa?
4. Seera tirafikii kanneen jedhaman maal fa'i?
5. Balaan konkolaataa maaliif babal'ate jettee yaaddaa?
6. Walqabiistota jechuun maal jechuudha?
7. Akaakuu walqabsiistotaa barreessuun ibsa gabaabaa kennaa.
8. Walqabsiistota hirkatootti gargaaramuun himoota xaxamaa sadi barreessaa.

Tooftaa Madaallii

- Barsiisaa/tuu; Boqonnaa kanaa barattoonni kaayyoo sirritti galmaan gahuu isaanii mirkaneeffadhu! Kana gochuuf tooftaalee madaallii adda addaa fayyadami! Haaluma kanaan dubbisa dhaggeeffachuuf dhiyaate dhaggeeffatanii gaaffiilee sirritti deebisuu isaanii mirkaneeffadhaa! Gaaffilee deebisuuf jara rakkisan addaan baasuun itti agarsiisaa! Itti aansuun dubbisa dhiyaate al-lama yookiin al-sadi irra deddeebi'uun dubbisaafii. Barattoonnis gaaffilee hundumaa sirritti deebisuu isaanii mirkaneeffadhaa! Gaaffilee dubbisa duraa, gaaffilee yeroo dubbisuufi gaaffilee yeroo dubbisa boodaa haala sirrii ta'een deebisuu barattootaa addaan baasaa! Bakka barattoonni hubachuuf rakkatanitti gargaarsa barbaachisu taasisaafii! Walqabsiistota hirkatootti gargaaramuun himoota xaxamaa barreessuu isaanii hubadhaa. Jechoota haalluuwwan tiraafikaa agarsiisu haala qabatamaa jireenya isaanii waliin walitti fiduu isaanii mirkaneeffadhaa!

- Barattoonni dubbisa dubbifamuuf osoo hindhaggeeffatiin muuxannoo duraan qabanirratti yaada isaanii ibsachuu isaanii ilaalaa. Hiriyyoonni isaanii yemmuu dubbatan sirnaan dhaggeeffachuu isaanii hordofaa. Dandeettiin dubbachuufi dhaggeeffachuun gilgaala kana keessatti gargar bahanii ilaalamuu hindanda'an. Kanaaf, qabiyyee kennameef irratti yaada isaanii waljijjiruu isaanii mirkaneessaa. Gochaalee yeroo dhaggeeffachuu keessatti barattoonni dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffachaa gaaffilee gilgaala keessa jiru hojjechuu isaanii ilaalaa! Xiyyeeffannoon dhaggeeffachaa jiraachuu isaanii ilaalaa! Dhaggeeffachuun booda gilgaala kennameef hubannaan dubbisuu isaanii mirkaneeffadhaa!
- Dubbisa kitaaba isaanii irra jiru dubbisuun dura muuxannoo isaanirratti hundaa'uudhaan yaada kennuu isaanii ilaalaa! Dubbisicha yemmuu dubbisan xiyyeeffannoon akka dubbisan gaaffilee yeroo dubbisaa hojjechaa deemuu isaanii mirkaneessaa! Dubbisicha ergadubbisanii xumuranii booda gaaffilee odeeffannoo ijoo ta'e barreessuu isaanii mirkaneessaa!
- Hiika jechootaa barattoonni sirriitti gonfachuuf barattoonni yeroo yerootti akka shaakalan taasisuun gahumsa barattootaa irratti fooyya'insa guddaa fida. Jechoota dubbisa keessaa bahan hiika sirrii kennuu isaanii mirkaneeffadhaa!
- Itti fayyadama walqabsiistotaa hirkatoo beekuun bakka barbaachisutti galchuun dhimma itti bahuu isaanii ilaalaa! Walqabsiistota hirkatoo yaadolee hima tokko keessa jiran walqabsiisuu kanneen danda'an ta'uu hubachuun himoota garagaraa keessatti bifa sirrii ta'een itti fayyadamuu isaanii ilaalaa! Barattoonni himoota barreessuu danda'uu isaanii ilaalaa himni barreessanis hima xaxamaa ta'uu mirkaneeffadhaa!

BOQONNAA SHAN

ISPOORTII

(BAAY'INA WAYITII 15)

(DHEERINA WAYITII 45')

SEENSA

Boqonnaa kana keessatti barattoonni fakkii atileetota kennameef ilaaluun, muuxannoo qabaniin walitti fiduun dandeettii yaada qindeessanii dubbachuufi dhaggeeffachuu gabbifatu. Yaada ijoo dubbisichaa ibsuun dubbisicha keeyyata keeyyataan gadifageenyaan akka hubatan isaan taasisa. Jechoota adda addaatiif hiika garagaraa kennuun fayyadama jechoota isaanii gabbifatu. Hima keessatti wasimannaa matimaafi gochimaa adda baasuun himoota sirrii ta'an ni'ijaaru. Gama biraatiin, boqonnaa kana keessatti mala baruu barsiisuufi tooftaa barattoota ittiin madaalamantu hammatamee jira.

Kaayyoo

Xumura boqonnaa kanaattii barattoonni,

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun odeeffannoo walfakaatu waliif qoodu.
- Afee/dubbisa dubbisuun yaada tokko tokkoo keeyyata dubbisichaa ni'ibsu.
- Shaakalaan dandeettiiwwan fayyadama jechootaa isaanii gabbifatu.
- Himoota wasimannaa matimaafi gochimaa qaban ijaaru.

Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Dubbisuu
- Barreessuu
- Fayyadama Jechootaa

Mala Baruu Barsiisuu

Barannoo Tokko
Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

Gilgaala kana keessatti barattoonni dandeettii yaadachuufi dubbachuu isaanii akka gabbiifataniif gargaara. Kanaafuu, barattoota kee garee namoota sadii yookiin afur qabu daree keessatti ijaaruun haala garee isaaniitiin yaada isaanii akka waljijjiiran godhaa! Yemmuu isaan yaada waljijjiiran ati immoo keessa deemuun ilaaluu hindagatin. Itti aansuun immoo barattoonni garee gareen yaada irratti mari'atan sana daree guutuudhaaf akka ibsan taasisaa! Kana gochuun keessan barattoonni dandeettii dubbachiifi dhaggeeffachuu isaanii daran akka dabalaa deemuu taasisa.

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Gilgaalli kun immoo dubbisa dhaggeeffachuu matadureen isaa'Gooticha Riyoo' jedhu yeroo dubbistaniif isin dhaggeeffachaa jiraachuu isaanii toofataa ittiin hubattan keessaa isa tokkoodha. Kanaafuu, barattoonni dubbisa dubbistaniif osoo hindhaggeeffatiin dura gilgaala kana dursanii akka dubbisan gochuu qabdu. Yaadannoo akka qabatan ajajaa. Dubbisicha yemmuu dubbistaniifis gidduu gidduutti barattoota keessan ilaaluu hindagatinaa.

Dubbisa Dhaggeeffachuu

Fayyisaa Leellisaa atileetii fiigicha dheeraatiin beekamudha. Atileetiin kun, haadha isaa Aadde Birriituu Fullaasaafi abbaa isaa Obbo Leellisaa Gammachuu irraa bara 1982

A.L. I. dhalate. Bakki dhaloota isaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu Ganda Tulluu Bultumaa jedhamutti. Fayyisaan barnoota sadarkaa 1ffaa Mana Barumsaa Goojjootti barate. Barnoota sadarkaa 2ffaa immoo Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Koloneel Alamuu Qixxeessaatti barate.

Fayyisaan dorgommii fiigichaa mana barumsaatti eegale. Haaluma kanaan bara 1998

A.L I. dorgommii meetira 800 mana barumsa isaatti taasifameen 1ffaa bahe. Itti fufuunis, Fayyisaan aanaa hanga naannootti bakka bu'ee dorgomuun cimina isaa mirkaneesse.

Fayyisaan dorgommii jalqaba maraatoonii Dabiliin, biyya Ayerlaanditti bara 2001A.L.I tti hirmaachuun 1ffaa bahee warqee badhaafame. Itti aansee, bara 2002 A.L.I maraatoonii Idil-addnyaa zyiyaameen, biyya Chaayinaatti gaggeeffameen ammas injifachuun warqee badhaafame.

Fayyisaan maraatoonii shaampiyoonii idil addunyaa Deeguu, biyya Kooriyaa Kibbaatti bara 2003 A.L.I gaggeeffameen injifachuun naasii argate. Bara 2008 tti immoo, Olompikii Riyoo Di Jeneeroo, biyya Biraazil irratti qooda fudhachuun 2ffaa ba'e. Guyyaa kana Fayyisaan injifannoo maraatoonii irratti seenaa addaa hojjete. Kanaafuu, atileetiin kun goota cimaa seenaa guddaa hojjetedha.

Deebii gilgaala 2

Bara	Dorgommii	Biyya	Sadarkaa ba'e
2001	Maratoonni Dabilii	Ayerlaandii	1ffaa
2002	Maaratoonni Idila Addunyaa	Zyiyaameen	1ffaa
2003	Deeguu	Kooriyaa kibbaa	2ffaa
2008	Riyoo Di Jeneeroo	Biraaziil	2ffaa

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Barattoonni gilgaala kana keessatti dubbisa isin irra deddeebitanii dubbistaniif sana ergaa isaa hangam akka hubatan beekuudhaaf gilgaala qophaa'eedha. Kanaafuu gaaffilee kana sirnaan hojjechuu isaanii mirkaneessaafi.

B. Gilgaala kana keessatti dubbisa dhaggeeffachuuf dhiyaatef ilaalchisee waan hubatan akka walitti himan jajjabeessaa.

Deebii Gilgaalaa

1. a
2. b
3. b
4. a
5. c

Barannoo Lama
Dubbisuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

Xiyyeeffannaan gilgaala kanaa barattoonni gara dubbisaatti osoo hinseenin muuxannoo isaanii ibsachuun gara dubbisaatti akka seenaniif isaan gargaara. Itti aansuun dubbisa gara fuula duraa jiru sana kaka'umsa horatanii yaadni isaan dubbisuuf deeman sun tilmaamaafi yaada isaanii waliin kan wafudhatu ta'uu isaa mirkaneeffachaa akka dubbisan karaa saaqaafi. Kanaaf, barsiisaa barattoonni

yaada isaanii fakkiifi mataduree waliin walqabsiisanii akka kaasaniif isaan jajjabeessaa.

Gilgaala 5: Gochaalee Dubbisuu Boodaa

Gilgaalli kun dubbisicha hangam dubbisanii akka hubatan ilaaluuf gargaara. Kanaafuu, erga dubbisanii booda gaaffilee dhiyaateef kana hojjechiisaa. Bakka dogoggorri jirutti immoo sirreessaafii ibsa barbaachisaa ta'e kennaafii.

1. **Soba.** Xurunash Godina Arsii Aanaa Leemmuufi Bilbiloo Magaala Boqojjii Ganda Caffeetti dhalatte.
2. **Dhugaa.** Xurunash maatii isheef qoraan funaanuufi bishaan waraabuun gargaaraa guddatte.
3. **Dhugaa.** Xurunash yeroo jalqabaaf miseensa gumii Ispoorti mana sirreessaatti makamte.
4. **Soba.** Xurunash kiilomeetira sadii magaalota Lawusaanneefi Biruseelsitti fiigdee mo'atte.
5. **Soba.** Bara, 2012 A.L.Atti dorgommii Olonpiikii Beejiingitti gaggeeffameen madaaliyaa lama argatte.

Gilgaala 6

Gilgaalli kun yaada dubbisichaa hubachuun namni tokko milkaa'uuf tattaaffiin akka isa barbaachisu hubachisuuf kan dhiyaateedha. Jireenya isaanii keessatti bu'aa bahiin adda addaa jiraachuun, isa keessa darbuun immoo fiixaan ba'umsi isaa bareedaa akka ta'u hubachiisaa. Wanta raawwachuu barbaadan bira hanga gahanitti obsi akka isaan barbaachisu itti himaa jajjabeessaa.

Barannoo Sadii
Barreessuu

Gilgaala 7

Gilgaalli kun barattoonni jechoota adda addaa kennamuun himoota mataa isaanii akka barreessan taasisaa. Kana gochuun isaa dandeettii jechootatti fayyadamuun yaada isaanii ibsachuu akka danda'an godha. Kanaaf, barattoonni hundumtuu hojjechuu isaanii to'adhaa. Bakka hanqinni jirutti deeggarsa barbaachisaa ta'e kennaafii. Deebiin iddoo kanatti isiniit kenname fakkeenya waan ta'eef kan mataa keessanii fudhachuun ibsuufii nidandeessu.

1. barnoota

   Barattoonni barnoota isaanitiin cimuu qabu.

2. baadiyaa

   Xurunash baadiyaatti dhalatte.

3. qaxxaamura

   Daandii konkolaataa bitaa mirga ilaalanii qaxaamuruun balaarraa nama oolcha.

4. fiigicha

   Ganama ganama figicha fiiguun fayyaa qaama ofiitif barbaachisaadha.

5. leenjii

   Xurunash fiigichaan milkaa'uuf leenjii fudhachaa turte.

6. funaanuu

   Gammadaan buna funaanuun gabaa geessee gurgure.

7. madaaliyaa

   Qananiisaa Baqqalaa fiigicha adda addaan madaaliyaa badhaafame.

8. badhaasa

   Fayyisaa Leellisaa fiigicha irratti injifachuun badhaasa argate.

9. kabaja

   Oromoon aadaa ofii nikabaja.

10. Dorgommii

    Atileetonni biyya alaa deemuun dorgommii irratti hirmaatu.

Gilgaala 8

Barattoonni iddoo kanatti jechoota walkeessa makamee kennameef duraa duuba isaa sirreessuun hima akka ijaaraniif yoo ta'u; kun immoo dandeettii sammuu isaanii keessatti yaaduun waa sirreessuuf deemuu akka gabbifatan waan taasisuuf haalaan sirreessuu isaanii hordofuun jajjabeessaa.

1. Xurunash bara 1985 naannoo magaalaa Boqojjiitti dhalatte.
2. Xurunash waggaa osoo hingahin fiigicha gabaabaa idil-addunyaa irratti hirmaatte.
3. Xurunash Dibaabaa fiigicha gabaabaa irraa eegaltee hanga maraatooniitti fiigde.
4. Barumsa ishee sadarkaa tokkoffaa qabxii olaanaan xumurte.
5. Namni tokko milkaa'ina jireenya isaatiif maal gochuu qaba?
6. Atileet Xurunash obboleewwan ishee keessaa nama afraffaadha.

Barannoo Afur

Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9

Xiyyeeffannoon gilgaala kanaa barattoonni fayyadama jechootaa akka gabbifataniifi bakka barbaachisaa ta'etti jechoota akka fayyadamaniif isaan gargaara. Haaluma kanaan akkaataa qajeelchi ajajeen hojjechuu isaanii ilaalaa!

Deebii

1. E 2. G 3. F 4. A 5. I 6. C 7. H 8. J 9. B 10. D

B. Jechoota asiin gaditti kennamaniif faallaa isaanii barreessi.

1. dabale = hir'ise
2. mo'amuu = mo'uu
3. dhaqan = galan
4. gowwaa = abshaala/qaruuxee/ haxxee/ gamna
5. baadiyyaa = magaalaa
6. ishee = isa

Walsimannaa Matimaafi Gochimaa

Matima : jechuun hima keessatti gocha tokko kan raawwatu yookiin kan waa'een isaa dubbatamuudha. Hima tokko keessatti yeroo hunda matima ta'anii kan galan maqaafi bamaqaadha.

Fakkenyaa 1. Baacaan sirba jaalata.

Inni sirba jaalata.

Hima kana keessatti Baacaafi inni kan jedhu matima yemmuu ta'an, **inni** kan jedhu bamaqaadha . Hima kana keessatti Baacaa bakka bu'uun tajaajila kan kennaa jiru bamaqaa inni jedhuudha. Kanaaf, bamaqaan bakka maqaa bu'uun tajaajila maqaan kennu danda'u hunda kennuu danda'a jechuudha.

Fakkeenya 2. Mucaan harma hodhe.

Inni harma hodhe. Hima kana keessatti mucaafi inni kan jedhu matima agarsiisu.

Gochima: jechuun hima tokko keessatti gocha raawwate tokko kan agarsiisuufi yeroo mara dhuma himaarra kan galuudha.

Fakkeenyaaf Aannaneen buufata xiyyaaraa Boolee deemte.

Leelloon mana jira. Kanaafuu, fakkeenya hima armaan olii keessatti kan jala sararaman gochima mul'isu.

Walsimannaa matimaafi gochimmaa jechuun hima tokko keessatti matimni qeenxee yoo ta'e gochimni isaa qeenxee ta'a. Akkasumas, matimni danuu yoo ta'e gochimni isaas danuu ta'a jechuudha.

Fakkeenya: Faaxeen kubbaa saaphanaa taphatti.

Fayyisaan fiigichaan 1ffaa bahe. Isaan dhufan.

Isaan har'a deeman.

Gilgaala 10 Deebii A

1. b
2. a
3. c
4. c
5. b
6. b
7. c
8. b
9. a
10. c

Deebii B

1. e
2. d
3. b
4. f
5. a
6. C

Deebii C

1. **fiigu.**
2. **deeme.**
3. **nyaanne.**
4. **mure.**
5. **qarte.**
6. **kufe.**
7. **dhufan.**
8. **bitan.**
9. **hojjatte.**
10. **cufe.**

Deebii D

1. Rabbirraan fuula dhiqate.
2. Nuyi har'a ganama dhufne.
3. Isaan kutaa afraffaa baratu.
4. Barsiisaan hoj-manee kenne.
5. Ati maalif jeeqxa?

Tooftaa Madaallii Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

- Barsiisa/tu; Dandeettin kun gochaale dhaggeeffachuu duraa keessatti kan madaalamudha. Bakka kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin yaada isaanii ibsachuun dandeettii dubbachuu isaanii gabbifatanidha. Itti aansuun immoo, gara dhaggeeffannaatti karaa itti finnudha. Barreeffamicha si'a sadii irra deddeebi'uun dubbisaafii! Dubbisa "Gooticha Riyoo" jedhu yoo dubbistaniif barattoonni gabatee kennameef hojjechuu isaanii mirkaneeffadhaa!

Dubbisuu

- Barattoonni dubbisa "Atileeti Xurunash Dibaabaa" jedhu dubbisuun yaada ijoo dubbisichaa beekuuf gaaffilee achi keessaa bahan hojjechuu isaanii ilaalaa!

Barreessuu

- Jechoota dubbisa keessaa bahaaniin himoota sirrii ta'e ijaaruu isaanii mrkaneeffadhaa!

Fayyadama Jechootaa

- Hiika jechootaafi faallaa isaanii haala gaafatamaniin walittii firoomsuu isaanii ilaalaa. Walsimannaa matimaafi gochimaa
- Barattoonni dandeettii matimaafi gochima fayyadamanii himoota garagaraa ijaaruu isaanii mirkaneeffadhaa.

BOQONNAA JAHA

TAPHOOTA AADAA

(BAAY'INA WAYITII 15)

(DHEERINA WAYITII 45')

Boqonnaa kana keessatti barattoonni hubannoo gaaffilee dhaggeeffachuun duraa sodaa malee tilmaamuun gara dhaggeeffachuutti ce'u. Itti aansuun, sirna tuqaalee hiika ibsaan hubachuun fayyadamu, birsaga baay'ee walxaxaa baratan qoqqoodu Xalayaa barreessuun gosoota isaanii adda baafatu,henna ammeennaafi tajaajila isaanii hima keessatti hubatu. Dabalataanis, dandeettii wwan afaanii arfan nigabbifatu. Akkasumas, fakkii dhiyaateef ilaaluun wanta hubatan dareetti hubannoo isaanii kan calaqqisiisan ta'a. Dhumarratti jechoota jechoota akkaataa galmee jechootaan tartiibessuufi gareedhaan jechoota walitti qabu.

1. **Kaayyoowwan:**

Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

- Waa'ee taphoota aadaa dhaggeeffachuun deebisu
- Sirna tuqaalee hiika ibsan hubachuun fayyadamu
- Birsaga baay'ee walxaxaa baratan qoqqoodu
- Xalayaa barreessu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

2. **Qabiyyeewwan:**

- Dhaggeeffachuufi dubbachuu
- Dubbisuu
- Fayyadama jechootaa
- Barreessuu
- Caasluga

3. **Mala Baruu-barsiisuu:**

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Deebii Gilgaala 1: Shaakala dhaggeeffachuun Duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa wanta barattoonni barachuuf yaalan tokko wanta isaan kanaan dura beekan wajjiin walitti fiduufiidha. Kanaafuu, kanatu sirriidha kun ammoo sirrii miti osoo hinjedhin barattoonni wanta isaanitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuun duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruuf yaalaa. Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

Deebii gilgaala 1B

1. Gosa afoolaa bifa gaaffiifi deebiin taphatamuudha.
2. Dhaloota
3. Yeroofi bakka wanti tokko itti raawwatamu. 4.Bashannansiisuu

Deebii gilgaala 2A: Shaakala Yeroo dhaggeeffachuu

- Shaakala kana jalatti barattoonni gaaffiiwwan gilgaala 2 jala jiru akka dabtara isaanirratti garagalfatan itti himaa.
- Mata duree akka dhaggeeffataniif qophaaye **'hibboo'** jedhu gabateerratti barreessaa! Sana booda barreeffama isin dubbistaniif irratti hundaa'anii gaaffilee akka deebisan jajjabeessaa!
- Dubbisicha **'hibboo'**jedhu, kana irra deebi'uun dubbisaafii. Kana booda bakka duwwaa jecha sirriin guutuu isaanii ilaalaa. Itti aansuun deebii armaan gargaaramaa!

Hibboo

Hibboon akaakuu tapha aadaa afaaniin labataa gara labataatti lufaa dhufedha. Hibboon haala gaaffiifi deebiin kan taphatamuufi unka gaggabaaboon kan dhiyaatudha. Hibboon hennaa hibbifamtu, tokko gaafataa inni biraan immoo gaafatamaadha; yeroo baay'ees kan taphatan ijolleedha. Hibboon seera ittiin taphatamu qaba. Akkasumas, yoomessa murtaa'aa keessatti kan taphatamudha. Kana malees, hibboon faayidaa guddaa qaba.

Hibboon seeraafi akkaataa ittiin taphatamu qaba. Namni gaafatu ‘hibboo’ yoo jedhu, kanneen gaafataman immoo ‘hibib/ hibbakka’ jechuun jalaa qabu. Kan gaafatu gaaffii itti fufee gaafata. Namoonni gaafatamanis deebii hibbichaa kennuuf yaalii taasisu. Yoo hibboo sana deebisuu dadhaban kan gaafatu sun biyya yookaan horii naaf kennaa jechuun gaafata. Kana booda, namni gaafate sun seera aadaa taphichaatiin biyya/ lafa irraa fudhatee, arrabsoo itti fufa.

Fakkeenya: Biyya kennameef maqaa dhayee:

___tiyya as natti gugadhu.

Ebalu fuulaan ibiddatti gubadhu

Moonaa tiyya gorbi dii

Moonaa tee bombiin xii

Moonaa tiyya loon

Moonaa tee foon

Mana kiyya jabbii

Mana kee cabbii

Mana kee gogaa

Mana kiyya qorsoon qaxax

Mana kee baasheen laxax

Mana kiyya haanxaa

Mana kee raantaa

Mana kiyya midhaan

Mana kee bishaan

Oowwaa bu’i

Oo’ii du’i

Harcee siphadhu

Laphee himadhu

Siree jala taaffisi

Reeffaa bachoo laaffisi

Harree jala ciisi

Dhuufuu gadi dhiisi

Gufuu karraa gufadhu

Bahaa gala mufadhu… jedhee arrabsee, erga eebbifatee booda; “ani kana caalaa sin arrabsuu waraabessi adda booqaa sihaasallaqsu, ani sin abaaru Rabbi si haa sakaalu ykn kankoo madaalatti kankee qadaadatti” erga jedhee booda deebii itti hima.

Taphni hibboo yoomessa ofdanda’e qaba. Galgala galgala hanga hirbaanni nyaatamutti kan taphatamudha. Sababni hibboon galgala galgala taphatamuufis tokkoffaa, guyyaa guyyaa ijoolleen hojii dhiisanii akka taphatti hindeebineefidha. Inni lammaffaan, sammuu guyyaa hojiidhaan dadhabaa oole bohaarsuufidha. Inni biraan immoo, ijoolleen osoo hirbaata hin nyaatiin akka hinrafne tursiisuuf yaadameeti.

Faayidaa hibboon jiruufi jireenya dhala namaaf kennu olaanaadha. Hibboon dandeettiin waa yaadachuu yookiin qorachuu ijoollee akka guddatuufi jireenya hawaasaa akka hubatan shaakalsiisuuf gahee guddaa qaba. Hibboon gaaffii iccitii waan of keessaa qabaatuuf, dubbii dhoksaa sana bira qoratanii bira ga’uuf, hubannaafi bilchina sammuu nikenna. Adeemsi kun immoo yaadni namaa akka gabbatuufi dagaagu gahee mataasaati niqaba. Haaluma walfakkaatuun, jireenya hawaasummaafi barnootaa keessatti ga’ee hibboon qabu guddaadha. Hibboon gaaffii gaafachuun yookaan mormii dhiheessuun walitti dhufeenya namoota gidduu jiru barsiisuuf ga’ee guddaa qaba. Haala kanaan, tooftaa ittiin yaada xiinxalan waan cimsuuf, daa’imman ilaalcha bal’aafi gabbataa akka qabaataniif

shoorri hibboon qabu guddaadha. Hibboon, amala namaas ta’e kan wantootaa, akkasumas kan beeyilladootaa barsiisuufis ga’ee guddaa qaba.

Walumaagalatti, hibboon akaakuu tapha aadaa bifa gaaffiifi deebitiin dhiyaatudha. Seera, akkaataafi yeroo itti taphatamus qaba. Faayidaan inni kallatti jiruu dhala namaa keessatti qabus daran olaanaadha. Keessumattuu hibboon guddina sammuu daa'immaniif gahee olaanaa waan qabuuf, maatii keessatti akka taphatamuufi akka hindagatamne taasifamuu qaba.

(Maddi: Madaala Sammuu , Kitaaba Falaasama Oromoo, Boonsamoo Mi'eessootiin, Gurraandhala 2005/2013)

Deebii gilgaala 2

1.seeraa, akkaataa

2.yoomessa

3. yaadachuu, qorachuu, shaakalchiisuuf,

Deebii Gilgaala 3A: Shaakala dhaggeeffachuun boodaa

Barsiisaa/-tuu: Gulantaa kana jalatti barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuutti wanta qayyabatan muuxannoo isaanii guddifachuu akka qaban iddoo itti taasistaniidha. Kanaaf, gilgaala qayyabannoof dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjechiisaa. Dhumarratti yaada walii galaa kennuufiin deebii armaan gadii fayyadamaa!

1. Galgala galgala, sababni isaas akka ijoolleen guyyaa hojii hindaganneefi yeroo boqonnaa waan ta'eefiidha.
2. Bilchina sammuu daa'immanii qaruuf, naannoon wal barsiisuuf, bohaarsuuf….
3. Akka ijoolleen taphatti gortee hojii hindaganneef.
4. Akkaatuma barattootni naannoo isaaniitti beekaniin deebii isaanii akka kennan taasisaa!

Deebii Gilgaala 3B

1.C	6. C
2.B	7. B
3.A	8. C
4.A	9. D
1.B	1O. A

Deebii Gilgaala 3C

1. Barreeffama
2. Sukkaara
3. Maqaa
4. Bilbila
5. Ululllee
6. Fal'aana

Barannoo Lama

Dubbisuu

Deebii Gilgaala 4 Shaakala Dubbisa Duraa

Barsiisaa/-tuu: Gaaffilee gilgaala afur jalatti kennaman barattootni yaada mataa isaanii akka kennan taasisaa!

Deebii Gilgaala 5:A Shaakala Yeroo Dubbisuu

1. Akkaatuma barbaachisummaa isaaniitiin yeroo adda addaatti geggeeffama.
2. Akka ijoolleen taphatti goranii hojii hindaganneefi galgala taphataa hirbaata akka eeggataniif
3. Boohartiif, barsiisuuf, qeequuf….

Deebii Gilgaala 5B

1.Soba 2.Soba 3.Soba 4. Soba 5.Dhugaa

Deebii Gilgaala 5C

1. D 2. C 3. D 4. C 5. C

Deebii Gilgaala 6A

1. Gugsii fardaa, saddeeqa, tapha qillee, tapha huwee, fiigichoo, waldhaansoo, binoo, tapha maarrabee, utaalchoo, bishaan daakuu, harcumqixxoo, jimmaa jimmiitee, huummoon maal baattii, korboo, hibboo, hibboonteenaafi faccee fa'i.
2. Hibboofi hibbanteen
3. Amala gaarii, obsa, beekumsaafi dandeettii namootaa guddisuun akka madda bashannanaafi onnachiiftuuttis nigargaaru. Kanamalees, taphoonni aadaa jabina qaamaa nikennu; seera, naamusaafi jireenya hawaasummaa ni barsiisu
4. Liichee
5. **Barsiisaa/tuu:** Barattoonni akkaatuma naannoo isaaniitti deebii akka kennan taasisaa! Sababa isaas himsiisaa.

Deebii Gilgaala 6B

Wayita darbe dubbisa matadureen isaa "Taphoota Aadaa" jedhu dubbisanii turan.

Waan dubbisan keessaa kan yaadatan afaaniin walitti akka himan taasisaa!

Deebii Gilgaala 6C

Yeroo darbe dubbisa matadureen isaa, "Taphoota Aadaa" jedhu dubbisanii turan. Dubbisa kana keessaa keeyyata 4ffaa lama lama ta'uun sagalee isaanii ol kaasuun saffisaafi ibsa sirrii ta'een dabareen waliif akka dubbisan godhaa!

Barannoo Sadii

Fayyadama Jechootaa

Deebii Gilgaala 7A

1.B 2.C 3.A 4. E 5. D

Tapha Ijoollee: Gama keenna roobee gama keessan roobee?

Boonaa: Gama keenna roobee gama keessan roobee?

Boontuu: Ee, roobe.

Boonaa: Maal roobe? Boontuu: Maddaa marga Boonaa: Maaltu dheeda?

Boontuu: Sa'a haadha Urjii Boonaa: Haati Urjii deettee? Boontuu: Ee, deette.

Boonaa: Maal deette? Boontuu: Ilmaa intala. Boonaa: Kam golloo kaayanii, kam gola kaayan? Boontuu: Intala gola kaayanii, ilma golloo kaayan. Boonaa: Waaqalaniifii?

Boontuu: Ee, qalaniif.

Boonaa: Maal qalaniif?

Boontuu: Korbeessa eegee coomaati.

Boonaa: Siif jifaniiree?

Boontuu: Ee, jifan.

Boonaa: Naa jifanii? Boontuu: Ee, sii jifan. Boonaa: Eessa naa keette? Boontuu: Bitimaa karraa irra.

Boonaa: Soqee hindhabnee maaltu fudhate?

Boontuu: Harraagu boddeetu koolaan dhahee fudhate.

Boonaa: Ariitee?

Boontuu: Ee, ari'e.

Boonaa: Fiiddee?

Boontuu: Ee, fiige.

Boonaa: Kuftee?

Boontuu: Ee, kufe.

Boonaa: Dhiiddee?

Boontuu: Ee, dhiige.

Boonaa: Eessa dhiigde?

Boontuu: Jilba qara.

Boonaa: Maaliin haqatte? Boontuu: Cabbii waabee gamaati.

Boonaa: Waabeen guutu moo hir'u?

Boontuu: Qara hir'uu, hancufa kiyya itti tufnaan guute.

Boonaa: Attamiin ceete? Boontuu: Nikonkoonadhe.

Boonaa: Konkoonuun deemsa maali? Boontuu: Konkoonuun deemsa raachaati.

Boonaa: Raachumatu konkoonataa, naachi hinkonkoonatuu?

Boontuu: Naachi waan bishaan galaati.

Boonaa: Naachumatu bishaan galaa, roophiin bishaan hingaluu?

Boontuu: Roophiin waan gurra bal'ataati.

Boonaa: Roophimatu gurra bal'ataa, woraanni gurra hinbal'atuu? Boontuu: Woraanni waan arfii addaataati.

Boonaa: Woraanumatu arfii addaataa, daaraan arfii hinaddaatuu?

Boontuu: Daaraan waan baasanii gatan.

Boonaa: Daaraama baasanii gatanii, keessummaa baasanii hingatanii?

Boontuu: Keessummaan waan bulee lufaati.

Boonaa: Keessummaamatu bulee lufaa, galaanni bulee hinlufuu?

Boontuu: Galaanni waan lafarra looyaati.

Boonaa: Galaanumatu lafarra looyaa, bofni lfarra hinlooyuu?

Boontuu: Bofni waan nama iddaati.

Boonaa: Bofumatu nama iddaa, kanniisni nama hin idduu?

Boontuu: Kanniisni waan dammeessaati.

Boonaa: Kanniisumatu dammeessaa, kaamo hindammeessituu?

Boontuu: Kaamo waan dukkoo galaati.

Boonaa: Kaamomatu dukkoo gala, idaayyaan dukkoo hingaltuu?

Boontuu: Idaayyaan faaya dhiiraati.

Boonaa: Idaayyamatu faaya dhiiraatii, wonteen faaya dhiiraatii mitii?

Boontuu: Wonteen meeshaa gootaati.

Boonaa: Wontematu meeshaa gootaatii, hirboorri meeshaa gootaatii mitii?

Boontuu: Hirboorri faaya qondaalaati.

Boonaa: Hirboorumatu faaya qondaalaatii, sokorti faaya qondaalaatii mitii? Boontuu: Sokorti faaya bareedinaati.

Boonaa: Sokorumatu faaya bareedinaatii, maraaroon faaya bareedinaatii mitii?

Boontuu: Maraaroon waan lafaa margaati.

Boonaa: Maraaroomatu lafaa margaa, margi lafaa hinmarguu?

Boontuu: Margi soorata saayyaati.

Boonaa: Margumatu soorata saayyaatii, bishaan soorata saayyaatii mitii? Boontuu: Ee, maddaa margi soorata saayyaati.

Boonaafi Boontuu: Ee, maddaa margi saayyaa sifa'a!

Dhamti saayyaa namaa sifa'a! Araarri kiyyaafi kee nu sifa'a! Nageenni nama maraa sifa'a!

(Maddi: Madaala Sammuu , Kitaaba Falaasama Oromoo, Boonsamoo Mi'eessootiin, Gurraandhala 2005/2013)

Deebii Gilgaala 7B

1.D 5. F

2.A 6. H

3.G 7. C

4.B 8. E

Deebii Gilgaala 7C

1.Marga, Bishaan

2.Raachaa, Naacha

3.Roophii, Naacha

4.Warraaqaa, Hirboora

5.Galaanaafi bofa

6.Falmii(mormii)

Barannoo Afur

Barreessuu

Deebii Gilgaala 8A

1. Akaakuun taphoota aadaa naannawa keetti argaman maal fa'i?
2. Uggum! Taphni aadaa akkam namatti tola!
3. Ati saddeeqa taphattee beektaa?
4. Faayidaan taphoota aadaa maalidha? 5.Aadaa keenya haa kunuunsinu!

Deebii Gilgaala 8B

Hibboon taphoota aadaa keessaa tokkodha. Hibboon kunis akkaataa itti taphatamu qaba. Kana boodas, inni gaafatu gaaffii hibboo gaafachuu barbaade sana gaafata. Inni gaafatu 'Hibboo' jechuudhaan gaafata. Inni gaafatamu immoo 'hibib' /hibbakka/ jechuudhaan jalaa qaba. Inni gaafatamus, deebii yaalee yoo dadhabe, biyya ykn horii isa gaafateef kenna. Itti fufuun, inni gaafate biyya irraa fudhachuun arrabsee eebbifachuun deebii itti hima.Egaa hibboon haala kanaan nama gaafatu tokkoofi nama deebisu tokko yookiin tokkoo ol gidduutti kan taphatamudha.

Deebii Gilgaala 9A: Shaakala Xalayaa Barreessuu

1. Soba
2. Dhugaa
3. Soba
5. Dhugaa
6. Soba
7. Soba 4.Soba

Yaadannoo: Xalayaa barreessuu

Xalayaa jechuun meeshaa walqunnamtii ta'ee, kan namoonni jaalala, gammachuu, gadda, ajaja, jibba, fedhii, yaadaafi kan kana fakkaatu bifa barreeffamaan waliif dabarsaniidha. Xalayaan tokko kaayyoo galmaan ga'uuf barreeffamu qaba. Dabalaatanis, qabiyyee isaa bu'uureffachuun bakka adda addaatti qoodama. Isaanis:

1. Xalayaa dhuunfaa

- Xalayaa gaddaa
- gammachuutti

2. Xalayaa Hojii

» Xalayaa akeekkachiisaa

» Xalayaa iyyannoo

» Xalayaa waliigaltee

» Xalayaa Beeksisaa kkf.

Xalayaa dhuunfaa: Xalayaan dhuunfaa xalayaa dhimma dhuunfaaf jedhamee hiriyaa yookiin firaaf haala adda addaan walitti dhufeenyaaf jecha yookiin dhaamsa walii dabarsuuf kan barreeffamudha.

1. **Xalayaa hojii:** Xalayaan hojii Xalayaa mana hojii waajjira mootummaa, dhaabbata dhuunfaafi mitimootummaaf kan barreeffamu ta'ee guyyaafi lakkoofsa qaba.

- Xalayaan hojii: Namni dhuunfaan gara waajjiraatti, waajjirarraa gara nama dhuunfaattiifi waajjirri gara waajjiraatti kan barreeffamudha.

Xalayaan kutaalee shan qaba. Isaanis:

Teessoo, Seensa, ibsa/qaama, xumuraafi cufaadha.

Deebii Gilgaala 9B

1. B 2. B 3. A 4. B 5. D

Kutaa xalayaa dhuunfaa

a._____

b._____ } 3

c._____

d._____

e. _____ } 2

f. _____

_____3

_____

_____ } 4

_____

_____

_____} 5

_____

_____} 6

_____

_____} 7

_____

Ibsa lakkoofsotaafi qubeewwan waraqaarraa

1. Teessoo nama erguu

   a.Lakkoofsa saanduqa poostaa

   b.biyya

   c.guyyaa barreeffame

2. Teessoo nama ergamuuf

   d. Lakkoofsa sanduuqa poostaa

   e. maqaa

   f. biyya

3. Nagaa gaafachuu

4. Keeyyata seensaa

5. qaama (ibsa) xalayaa

6. Xumura xalayaa

7. Cufaa

g. Nagaa dhaamuu (Nagaa Wajjiin)

h. Mallattoo nama barreessee

i. haala firoomaa (fkn. obboleettii kee)

_____

Kutaa Xalayaa Hojii

a._____

b._____ }1

c. _____

d._____ } 2

_____

_____ } 3

_____

_____

_____ } 4

_____

_____

_____ } 5

_____

_____

_____

_____ } 6

_____

Ibsa lakkoofsotaafi qubeewwan waraqaarraa

1.a. Lakkoofsa
5. Xumura xalayaa

b. Guyyaa
6. Cufaa

2. c. Waajjira xalayichi barreeffameef
e. nagaa dhaamuu (Nagaa wajjiin)

d. biyya
f. mallattoo nama barreessee

3. Keeyyata seensaa (dhimma)
h. maqaafi gahee hojii barreessaa

4.Qaama (ibsa) xalayaa

Barannoo Shan

Seerluga

Deebii Gilgaala 10A: Shaakala sirna tuqaalee

1. Barsiisaan nidubbisa; barattoonni nidhaggeeffatu; Baacaan nikolfa.
2. Kitaaba keessan Boqonnaa 4, fuula 43 baasaa dubbisaa.
3. Meeshaaleen barnootaa: Dabtara, kitaaba, qalama, sarartoo…fa'a.
4. Barattoonni kutaa 5ffaa 'A' barachaa jiran: Boonsaa, Baaccuu, Kumasaafi kanneen hafanis nijiru.
5. Barsiistuun, jechoota tishoo keessaa: rog-sadee, sab-lammii, mat-dureefaa barreessiteerti.
6. Eebbisaan 'paastaa' nyaachuu jaalata.

Deebii Gilgaala 10 B

1. Raajeffannoo
2. Qoodduu
3. Qoodduu jabaa
4. Tuqlamee
5. Sarara xiqqaa **Yaadannoo Sirna Tuqaalee**

Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffama keessa galuun hiika/ergaa barreeffamaa ifa taasisanidha. Osoo sirna tuqaaleetti fayyadamuu baannee, walumatti fufnee barreessinee, yaadni tokko eessaa ka'ee eessatti akka xumuramu ykn yaadonni waliin deeman kam akka ta'aniifi kkf beekuun rakkisaa ta'a. Barannoo kana keessatti tajaajila tuqaa, buufata xiqqaa, qoodduu, tuq-lamee, waraabbii qeenxee, buufata xiqqaa (qoodduu jabaafi) sarara xiqqaafaa baratu.

A. **Qoodduu (,)**

Qoodduun sirna tuqaa hima keessatti yeroo baay'ee fayyadamnuudha. Innis, haala armaan gadiitiin mul'ata.

1. Hima keessatti jechoota walfakkaatan adda baasuuf gargaara.

   Fkn. Obseen gabaa deemtee, mosee, qullubbii adii, jinjibilaafi soogidda bitte.

2. Ciroo hirkataafi ofdanda'aa adda baasuuf

   Fkn. Kumaan waan tokkoffaa baheef, kitaaba badhaafame.

3. Baraafi guyyaa addaan baasuuf

   Fkn. Olyaad Amajjii 12, 2002 dhalate.

B. **Qoodduu jabaa / buufata xiqqaa (;)**

Qoodduu jabaan himoota garaagaraa ofdanda'oo ta'an, yaadaan kan waliindeeman, caasaafi yeroon walmadaalan gidduu galuun walqabsiisa.

   Fkn. Bokkaan roobuu danda'a; uffata dabaladhu.

Caalaan nibarreessa; Iftuun nidubbisti.

C. **Tuqlamee (:)**

Tuqlameen barreeffama keessatti dhimma barreessan haala adda addaan ibsuufi kan itti aanee dhufu jiraachuu agarsiisa.

   Fkn. Obbo Araarsoon ilmaan dhiiraa sadii qaba: Marsiimooy, Olyaadiifi Amaanoo jedhamu. Waan sadii kabaji: eenyummaakee, aadaakeefi afaankee.

   Sa'aatiifi daqiiqaa addaan baasuuf

Fkn. 2:30

Lakkoofsa reeshoodhaan kaa'uuf Fkn. 2:5, 1:1, ….

D. **Mallattoo waraabbii qeenxee (‘ ’)**. Kun immoo jechi tokko xiyyeeffannoon kennamuufii kan qabuufi jecha afaan biroo akkuma jirutti afaan Oromoo keessatti yoo fayyadamne mallattoo waraabbii qeenxee keessa keenya.

Fkn. Feenet ‘bargarii’ nyaachuu jaalatti.

Inni biraa immoo, waraabbiin waraabbii keessaa mallattoo waraabbii qeenxee keessa gala. Fkn. “Waa'ee Uummata Oromoo sirriitti yoo beekuu barbaadde, kitaaba ‘Seenaa Uummata Oromoo hanga jaarraa 16ffaatti’ jedhu dubbisi,” jedhe barsiisaan.

E. **Sarara xiqqaa (-)**

Jecha tishoo ykn jechoota jecha lama irraa ijaaraman gidduu galuun walqabsiisuuf gargaara.

Fkn. Sar-diida, rog-sadee, sub-lammiifi kkf

Maxxatuu ta'uu agarsiisuufi jechi tokko karaa waa maxxanfachuu danda'u mul'isuuf Fkn.-ota, -oota, -e, deem-, …

Deebii Gilgaala 11: Shaakala Birsaga baay'ee walxaxaa qoqqooduu

1. bar-baa-chi-sum-maa
2. kot-toon-fa-chii-san
3. dub-ba-chiif-tuu
4. dhag-geef-fat-toota
5. tar-kaan-fa-chii-san

Deebii Gilgaala 12A: shaakala Garee Jechootaa

Barsiisaa/-tuu: Gaaffilee gilgaala kana jalatti kennaman akkaataa ajaja isaaniitiin akka hojjatan taasisaa!

Deebii Gilgaala 12 B

Abdii	daaraa	haroo	marga	warra
Aduu	dararaa	hore	muka	yaada
Baala	eelee	jalqaba	naannoo	
Bara	faaruu	kakuu	Ogummaa	
Barnoota	galaana	karra	qaama	
Caaccuu	gocha	laagaa	qaroo	

Deebii Gilgaala 13A: Shaakala Hennaa Ammeennaa

1. Gocha amma raawwatamaa jiru
2. Gocha gara fuulduraatti raawwatu
3. Gocha amma raawwatamaa jiru
4. Gocha akka walii galaatti dhugaa ta'e
5. Gocha amma raawwatamaa jiru
6. Gocha akka walii galaatti dhugaa ta'e
7. Gocha akka walii galaatti dhugaa ta'e
8. Gocha irra deddeebii
9. Gocha amma raawwatamaa jiru
10. Gocha akka walii galaatti dhugaa ta'e
11. Gocha irra deddeebii
12. Gocha amma raawwatamaa jiru

Deebii Gilgaala 13B: Shaakala Hennaa Ammeennaa

Barsiisaa/tuu: Barattoonni jechoota kennamaniin hima hennaa ammeennaa gara garaa akka ittiin ijaaran taasisaa.

Yaadannoo: Hennaa

Barattoota: Waa'ee hennaa ammeennaa osoo hinbaratiin dura, hennaa jechuun maal jechuu akka ta'e barsiistu.

1. Hennaan maali? Bakka meeqatti qoodama jettee yaaddaa?
2. Hennaan ammeennaa hoo maal? Bakka meeqatti qoodama, jettanii yaadduu? Lama lamaan irratti mari'adhaa!

Hennaan yeroo gochi tokko itti raawwatamu yookiin dubbiin tokko itti taasifamu kan agarsiisuudha. Akkasumas, tajaajila caaslugaa kan yeroo raawwii agarsiisuudha. Afaan Oromoo keessatti hennaan bakka gurguddoo saditti qoodama. Isaanis, hennaa ammaa, henna darbeefi hennaa dhufu yoo ta'an, tokko tokkoon isaanii bakka adda addaatti qoodamu. Kutaa kanatti kan barattan hennaa 'ammaa' keessaa hennaa 'ammeennaa'dha.

Hennaa Ammeennaa

- Hennaan ammeennaa gocha amma raawwatamaa jiru ibsa.

  Fkn. Boruufis hojii manaa hojjetti.

  Booranaan kitaaba dubbisa.

- Hennaan ammeennaa wanta akka waliigalaatti dhugaa ta'e yookaan gocha yeroo mara dhugaa ta'e agarsiisuuf tajaajila.

  Fkn. Ibiddi nama guba.

  Finfinneen magaala guddoo Oromiyaati.

- Hennaan ammeennaa gocha gara fuulduraatti raawwatamuuf jiru addeessuuf oola.

  Fkn. Barnoonni sa'aatii lamaatti eegala.

  Wiixata wayitii tokkoffaatti qormaata qabdu.

- Hennaan ammeennaa gocha irra deddeebii agarsiisuuf tajaajila.

  Fkn. Bariiteen ganama ganama mana barumsaa deemti

4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Xalayaan maali?

_____

2. Gosoota xalayaa adda baasuun ibsi

_____

_____

_____

3. Kutaalee xalayaa kanneen jedhaman eenyu fa'i?

_____

_____

4. Hennaa jechuun maal jechuudha? Hennaan ammeennaahoo?

_____

5. Gosoota hennaa ammeennaa akkaataa tajaajila isaaniin adda baasuun hima tokko tokko fakkeenya kenni.

_____

6. Himoota armaan gadii keessatti sirna tuqaalee kanneen akka mallattoo gaaffii, qoodduufi raajeffannoo iddoo barbaachisutti hima keessa galchi.

   a) Yaa Rabbi akkam bareeddii

   b) Mul'atnikee gara fuulduraa maali

   c) Maqaan barattoota kutaa 5ffaa Raajii Rabbirraa Ayyaantuufi Sinboo faadha.

   d) Maaliif dabarsitanii wal kennitu

   e) Ka'ii balbala cufi

   f) Magaalonni gurguddoon Oromiyaa keessaa Finfinnee Adaamaa Naqamte Shaashamanneefi

kkf dha.

5. Madaallii

Seensa

Madaalliin gosa barnoota kam keessattuu barbaachisaadha. Keessaayyuu barnoota afaaniif, daran murteessaadha. Kunis, barnoonni afaanii madaallii guyyaa guyyaan taasifnu baay'ee barbaada. Kanaaf madaalli itti fufiinsa qabu gochuun kaayyoo keessan galmaan gahuuf baay'ee isin gargaara. Boqonnaa kana keessatti ogummaawwan afaanii arfantu madaalama. Fkn. Hiika jechoonni bakka galumsaatti qabaniifi akka tilmaaman taasisuu, birsaga walxaxaa qoqqooduufi sirna tuqaalee fayyadamuu, jechoota tartiibessuufi garee jechootaa adda baasuun hima keessatti fayyadamu. Dabalataan gosoota xalayaafi kutaalee xalayaa adda baafatuun barreessuu shaakalu. Dhumarratti, akaakuu hennaa ammeennaa adda baafachuun fakkeenya kennameef hordofuun kan biraa barreessuu shaakalu.

1.1. Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Dandeettiin kun shaakala dhaggeeffachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffannaatti fiddanidha.

Barreeffama "Hibboo" jedhu yeroo dubbistaniif barattoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii mirkaneeffadhaa! Barreeffamicha si'a lamaa–sadii irra deebi'aa dubbisaafii, yeroo kana barattoonni hojii kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii afaaniin deebisan taasisuun mirkaneeffadhaa!

Jechoota akka:

- Ataa dubbisichaatti fayyadamuun hiika kennuu isaanii mirkaneeffadhaa!
- Dubbisa dhaggeeffatan irratti hundaa'uun jechoota sirriin bakka duwwaa guutuu isaanii mirkaneeffadhaa!
- Dubbisa dhaggeeffatteefi hubannoo duraan qabdurratti hundaa'uun gaaffiiwwan dhaggeeffachuu boodaaf dhiyaatan sirritti barreessanii deebisuu isaanii mirkaneeffadhaa!
- Hibboowwan dhiyaataniif deebii sirrii filachuu isaanii dabtara laaluun hordofaa!

1.2. Dubbisuufi Dubbachuu

- Akkuma yemmuu dhaggeeffachuu, shaakala dubbisuun duraa keessattis barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessaa.
- Dubbisa "Taphoota Aadaa" jedhu dubbisuu.
- Dubbisicha yeroo isin kennitaniif keessatti cal'isaanii dhuunfaan dubbisuu isaanii
- too'adhaa.

- Dubbisicha dubbisaatii gaaffiiwwan kennameef hojjechaa deemuu isaanii dabtara isaanii soroorsuun mirkaneeffadhaa.
- Dubbisicha erga dubbisanii booda gaaffiiwwan isin kennitaniifi muuxannoo isaaniin walqabsiisanii lama lamaan ta'uun mari'atanii afaaniin dareef dhiyeessuu isaanii mirkaneeffadhaa.
- Gilgaala soba dhugaafi filannoon dhiyaateef sirriitti hojjechuu isaanii adda baasuun mirkaneessaa. **Barsiisaa/tuu:** Barattoonni dubbisa dhaggeeffataniif hubannoo duraan qabanirratti hundaa'uun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisuu isaanii adda baafadhaa.

1.3. **Fayyadama Jechootaa**

- Jechoota dubbisa keessaa bahan akkaataa hiika isaaniitiin walitti firoomsuu isaanii miarkaneeffadhaa!
- Tapha aadaa dhiyaateef irratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaate deebisuu isaanii mirkaneeffadhaa!

Barsiisaa/-tuu: Gilgaala 7 (B) jalatti jechoota kennaman, barattoonni dubbisa dubbisanirratti hundaa'uun, hiika isaan qabaniin walitti firoomsuu akka danda'aniif fakkeenya tokko hojjedhaatii itti agarsiisaa; achiis barattoota waliin hojjedhaa! Fakkeenyaaf, hiikni jecha 'Ilma' jedhuu, Waan golloo galaati ta'a. Gilgaala kanas akka hojii dareetti sororsaa! Barattoonni dubbisicha hangam akka hubatan adda baafachuufis akka tasaa maqaa barattootaa waamuun hiika jechoota kanaa gaafadhaa! Dhumarrattis, deebii sirrii ta'e gabatee gurraacharratti barreessaa!

Barsiisaa/-tuu: Gilgaala 7c ilaalchisee, barattoonni gaaffilee kennamaniif deebii akka kennan taasisaa. Gaaffii tokko akka fakkeenyaatti hojjeedhaafi! Gaaffii biroos barattoota waliin hojjedhaa. Fakkeenyaaf, hima 1ffaaf deebiin margaafi bishaan ta'a. Gaaffilee hafan immoo hojmanee kennuun hordoffiifi deeggarsa barbaachisu taasisaa! Dhumarratti, gaaffilee hafan akka xumuran mirkaneeffadhaa.

1.4. **Barreessuu**

- Barattoonni sirna tuqaalee gargaaramuun hima keessatti bakka barbaachisutti galchuu isaanii dabtara ilaaluun mirkaneeffadhaa.
- Walduraa duuba himootaa soroorsuun dogoggora malee keeyyata xumuruu isaanii
- adda baasaa.
- Barsiisaa/tuu: Gilgaala 9Afi B jalatti tarreffaman keessaa kanneen gosoota xalayaa adda baafachuufi kutaalee xalayaa hubachuu isaanii mirkaneeffadhaa. Hojii daree kennuufiidhaan, yaaddeebii dabtara isaaniirratti kennaa.

5.5.Seerluga

5.5.1. Keeyyata Barreessuu

- **Barsiisaa/tuu:** Barattoonni sirna tuqaaleehima keessatti fayyadamuu, jechoota akka jechootaa adda baasuun barreessuu danda'uu isaanii mirkaneessaa! Hennaa ammeennaafi tajaajila isaa adda baafatanii hima keessatti fayyadamuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa! Yoo barattoonni haala gaariin hin hojjanne ta'e fakkeenya biraa laachuufiin irra deebi'aa shaakalsiisaa! Akkasumas sina tuqaalee adda baafachuufi filannoo dhiyaate keessaa jechoota sirritti garee jechootaa akka adda baasan taasisaa!

BOQONNAA TORBA

SABQUNNAMTII

(BAAY'INA WAYITII 15)

(DHEERINA WAYITII 45')

SEENSA

Boqonnaan kun, barattoonni, sagalee waraabamee isaaniif dhiyaate dhaggeeffachuun isa dhaggeeffatan immoo deebisanii himuun dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii gabbisu. Dubbisa dhaggeeffatan keessatti gilgaalota kennameef hubannaa dhaggeeffachuu isaanii beekuu dandeessisuu hojjetu. Dubbisa dubbisuun ergaa ijoo dubbisaa adda baasanii himuun dandeettii dubbisuu isaanii cimsatu. Himoota sasalphoo fayyadamuun dandeettii keeyyata barreessuu gabbifatu. Kana malees, hiika jechoota adda addaas haala garagaraatiin nikennu. Himootaafi jechoota keessaa durduubee adda baasu. Durduubeetti gargaaramuunis himoota mataa isaanii barreessu. Gama biraatiin, boqonnaa

kana keessatti mala baruu barsiisuufi tooftaa barattoota ittiin madaalamantu hammatamee jira.

Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni,

- Yaada/dhimma waraabame dhaggeeffachuun yaada ijoo isaa himu.
- Dubbisuudhaan gaaffilee hubannoo hojjatu.
- Himoota salphaatti gargaaramuun keeyyata barreessu.
- Jechootaaf hiika galumsaa kennu.
- Durduubee/firoomsee gargaaramuun himoota barreessu.

Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Dubbisuufi Barreessuu
- Barreessuu
- Fayyadama Jechootaa
- Seerluga

Mala Baruu Barsiisuu

Barannoo Tokko
Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1

Barsiisa/-tuu: Gilgaala kana keessatti. sirba Artisti Dr. kabajaa Alii Birraa "Galma Aadaa Keenyaa" isa jedhu waraabuun barattoota keessaniif dhiyeessaa. Barattoonnis dhaamsa ijoosaa maal akka ta'e irratti dubbachuun yaada isaanii akka waljijjiiran taasisaa. Namoonni odeeffannoo waliif dabarsuu keessatti muuxannoo duraan qaban irratti hundaa'uun yaada isaanii dhuunfaadhaan akka irratti dubbatan taasisaa. Meeshaalee sab-qunnamtii irratti waan beekan akka ibsan gochuun dandeettiin

dubbachuufi dhaggeeffachuu isaanii irratti cimina dabalaafii deema waan ta'eef barattoota hundumaa hirmaachisaa. Itti aansuun, barattoonni yemmuu isin dubbistaniif isaan akka isin dhaggeeffatan ajajaa.

Dubbisa Yeroo Dhaggeeffachuu

Barreeffamni meeshaalee sab-qunnamtii keessaa isa tokkodha. Innis akaakuu garagaraa kan qabuudha. Isaanis: kitaaba, galaalcha, barruuleefi laalleen isaan beekamoodha. Bu'uura dheerina yeroo itti qophaa'aniifi bal'ina qabiyyee isaanitiin walcaalu. Yeroo baay'ee kitaabni hunda isaanii nicaala. Qabiyyeen inni qabatus kan dhimmoota yeroo dheeraa irratti xiyyeeffate ta'uu danda'a. Kan qophaa'us nama tokkoon yookiin gareedhaan ta'uun nimala. Jarreen hafan garuu, qabiyyeewwan muraasa dhimma yeroo irratti xiyyeeffatan qabatanii maxxanfamu. Kan maxxanfamanis, guyyaa guyyaan, torbee torbeen, torbee lama lamaan, ji'a ji'aan, kurmaana kurmaanaan, walakkaa waggaatti, waggaa waggaatti ta'uu danda'a. Akka kitaabaatti nama tokkoon qophaa'aa hindhiyaatan. Namoota lama yookiin lamaa oliin qophaa'a.

Meeshaan sabqunnamtii kun amala adda taasisu niqaba. Meeshaa kanaan kan ergaa dabarsuufi fudhachuu danda'u nama barreessuufi dubbisuu danda'u qofa. Sab-qunnamtiin dubbisaafi barreessaa walitti fidu kun faayidaalee adda addaa qaba. Isaan keessaa inni tokko namoota, dhaabbileefi biyyoota walirraa fagoo jiran jidduutti odeeffannoo deddeebisuudha. Kana hojjachuudhaanis, muuxannoo bakka tokkoo bakka birootti akka babal'atu taasisa. Argannoon nama tokkoo namoota birootif akka darbu taasisa. Umriidhaan turuu isaa irraa kan ka'es wanti yeroo tokko barreeffame baraafi jaarraa hedduu tarkaanfachuun akka dhaloonni irraa baratuuf carraa gaarii uuma.

Barreeffamni baattoo muuxannoofi beekumsaa ta'e kun, durii kaasee fuula waraqaarratti dhiyaachaa ture. Amma garuu, waraqaa qofaan dhiyaachaa hinjiru. Guddina saayinsiifi tekinoolojii waliin walqabatee bifa foyya'aa ta'een dhiyaachaa jira. Kan dur harkaan barreeffamaa ture amma kompiitaraan, mobaayiliifi kkf niin barreeffamaa jira. Kan dur waraqaarraa dubiifamaa ture meeshaa ammayyaa kanarraa dubbifamuu jalqabeera. Kanaanis, barreessuufi dubbisuu laalchisee haalli rakkisaa ture amma hir'ateera jechuun nidanda'ama.

Gilgaala 2

Barsiisa/-tuu: yemmuu dubbisa dhaggeeffachuu dubbistaniif barattoonni caatoo kitaaba isaanii irratti barreeffame akka guutan taasisaa! Jalqaba garuu, caaticha dabtara isaanii irratti akka barreessan dursaatoo itti himaa. Dubbisicha yemmuu dubbistaniif barattoonni isin dhaggeeffachaa jiraachuu isaanii hordofaa!

Deebii

Kitaaba galaalcha laalleefi barruulee

Gilgaala 3

Barattoonni dubbisicha erga dhaggeeffatanii booda, gaaffilee dubbisa keessaa bahaniif deebii sirrii ta'e akka deebisan taasisaa! Deebii isaanitiifis duubdeebii kennaafii! Yaanni ijaarsaa isin kennitaniif kun barattoonni hangam akka dubbisicha hubatan beekuuf gargaara.

Deebii

1. dhugaa
2. dhugaa
3. soba
4. dhugaa
5. dhugaa
6. soba
7. dhugaa
8. dhugaa
9. dhugaa
10. dhugaa

Barannoo Lama

Dubbisuufi Barreessuu

Gilgaala 4

Barattoonni gara dubbisuu osoo hinseeniin fakkiifi gaaffilee kennameef irratti yaada isaanii akka kennan taasisa. Kunis, barattoonni dubbisicha si'aayinaan akka dubbisan isaan taasisa. Kanaaf, gaaffilee gilgaala kana keessatti dhiyaatan akka hojjetan taasisaa!

Gilgaala 5

Dubbisicha barattoonni yemmuu dubbisan gilgaala kana akka hojjechaa dubbisan dursaa itti himaa. Jalqaba garuu, gaaffilee gilgaala kana keessaa dursanii dabtara isaanii irratti akka barreessan taasisaa! Akkasumas, yemmuu isaan dubbisan isin barattoota keessan giddu gidduudhaan hordofaa. Bakka hanqinni jirutti deeggarsa barbaachisaa ta'ee kennaafii!

Deebii

1. Televiizyinii
2. Fakkii ilaalamu, barreeffama dubbiifamufi oduu dhaggeeffatamu
3. Bubbuleera
4. Uummata barsiisuu Seera ittiin bulmaataa

Akkaataa namni dhuunfaafi hawaasni fayyaa isaanii itti eeggatan

Seera tiraafikii Bashannansiisuu kkf

Gilgaala 6

A. Gilgaalli kun barattoonni dubbisa dubbisuun ergaa yookiin yaada ijoo isaa baasanii akka himan taasisa. Inni kun immoo, barattoonni xiyyeeffannoo itti kennanii dubbisicha akka dubbisan jajjabeesa. Dhumarratti gaaffilee gilgaala kana jala jiran hojjechisaa. Deeggarsa barbachiisaa ta'es kennaafii!

Deebii

1. dhugaa
2. dhugaa
3. Soba
4. Soba
5. Dhugaa

B. Gilgaala 8b kana keessatti barattoonni yaada dubbisichaa walitti qabuun keeyyata gabaabaa barreessanii barattootaaf akka dubbisan taasisaa! Barattoonni sadarkaa kanatti keeyyata gabaabaa barreessuu irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisaa! Dandeettiin barreessuu shaakala yeroo yerootiin gabbifamaa deemu waan ta'eef tooftaa adda addaatiin akka barreessan jajjabeessaa! Erga barreessanii booda ilaaluun bakkaa hanqinni jirutti barattoota biroo waliin akka waldeeggaran taasisaa! Dhumarratti, isinis waa'ee barreeffamaa ibsa gahaa ta'e kan sadarkaa isaanii gituu danda'a jettan kennaafii!

Barannoo Sadii

Barreessuu

Gilgaala7

A. Barattoonni dandeettii mataa ofiitti fayyadamanii mataduree kennameef yookiin kan mataa isaanii filachuun bifa keeyyataan barreessanii dhufuun akka gaazexeessaatti akka dubbisan jajjabeessaa. Gilgaalli kun, dandeettii barreessuufi dandeettii dubbisuu isaanii irratti gahumsa cimaa akka horataniif isaan gargaara. Barattoonni wanta isaanitti dhagahamee barreessuu akka qaban ajajaa. Itti aansuun, wanta barreessan sana barattoota daree guutuuf dubbisuun isaanii dandeettii isaanii cimsuu keessatti gahee mataasaa qaba. Isa filatamaa ta'ee tokko isinis gargaartanii sirreeffama barbaachisaa erga gootaniif booda barattoota mana barumsaa guutuuf yeroo boqonnaa akka dubbisan taasisaa!

B. Barattoonni gilgaala kana keessatti mana kitaabaa seenuun meeshaalee sab-qunnamtii barreeffamaa keessaa, galaalchaafi kitaaba ilaaluun haala itti barreeffaman adda baasanii akka hubataniif isaan gargaara. Waan ijaan arganis gara barreeffamaatti fiduun ibsuu danda'uu isaanii cimsa waan ta'eef gilgaala kana barattoonni dhuunfaan erga hojjetanii booda isa barreessan irratti barattoota biroo waliin akk walbira qaban taasisaa. Garaagarummaafi tokkummaa barreeffamoota kanaa akka ibsan taasisaa!

C. Gilgaalli kun meeshaalee sab-qunnamtii kitaaba isaanii keessatti eeraman haala kamiin akka fayyadaman ibsuu kan dhiyaatedha. Kanaaf, barattoonni gilgaala kana akka hojjetan taasisaa!

Deebii

1. Gaazexaa = nidubbisna
2. Bilbila =nibilbilla
3. Fiilmii = ni ilaalla/ nidaawwanna
4. Diraamaa = Daawwanna/ni ilaalla
5. Televizyinii = nidaawwanna
6. Raadiyoonii = nidhaggeeffanna
7. Kitaaba = nidubbisna
8. Ibsa barsiisaa/tuu = nidhaggeeffanna/caqasna/

Barannoo Afur

Fayyadama Jechootaa

Gaaffileen gilgaala kana jalatti dhiyaatan jechoota haala hiika isaaniitiin walitti firoomsuun hiika jechootaa akka gabbifatan waan taasisuuf sirnaan hordofaa.

Gilgaala 8

Deebii A

1. d
2. h
3. e
4. b
5. 5. g
6. a
7. i
8. j
9. c
10. f

Deebii B

Gilgaalli kun dandeettii jechootatti fayyadamuu danda'uu Barattootaa gabbisuuf kan dhiyaatedha. Iddoo barbaachisaa ta'etti jechootatti haalaan fayyadamuun dandeettii isaanii gabbisaaf. Kanaaf, barattoonni jechoota haala galumsaan isaaniif kenname kanaaf hiika kan ta'u filachuun akka deebisan taasisaa!

1. A
2. c
3. a
4. b
5. b
6. c
7. c
8. a
9. c
10. a

Deebii C

Jechoota barbaachisoo ta'an himoota kennameef keessatti guutuun himichi ergaa guutuu dabarsuu isaa ilaalaa hojjechuu qabu. Kanaaf, isinis barattoonni jecha sirrii hima barbaachisaa ta'e keessatti guutuu isaanii hordofaa.!

1. Guddina
2. Televizyiniin
3. Oduu
4. Muuxannoo

1. Tamsaasa
2. Ammayyaa
3. Sagantaa

Barannoo Shan

Seerluga

Yaadannoo

Durduubee/firoomsee/ jechuun garee jechootaa keessaa tokko ta'ee maqaa yookiin jecha tokko dura yookiin booda galuudhaan tajaajila gochibsaa kan kennuudha. Durduubeen amaloota armaan gadii qaba. Isaanis:

- Maqaa dura yookiin booda irratti galuudhaan tajaajila gochibsaa kan akka iddoo, yeroo, sababaaf haala ibsuu kan danda'an.
- Maxxantoota seerluga agarsiisan, kan akka lakkoofsaa, ramaddii, saalafi kkf maxxanfachuu kan hindandeenyeedha.
- Adeemsa jechoota haaraa uumuu keessatti hundee ta'uu kan hindandeenyeedha.

Ulaagaalee armaan olii kana guutuun jechoonni garee durduubee jalatti ramadaman muraasni akka keessa

gara	waa'ee
irra	itti
erga	dhaan
waliin	f

Durduubeen himoota keessatti galuun tajaajila adda addaa kennuu danda'a. Fakkeenya

- Fayyisaan **akka f**ardaa fiiga.
- Tolashiin muka **jala** jirti.
- Bariituun **gara** mana barumsaa deemte.

Himoota armaan olii keessatti kanneen gurraacheffamanii barreeffaman **durduubee/firoomsee**/ jedhamu.

Durduubeen tajaajila isaa irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamu. Isaanis: durduubee ofdanda'oofi durduubee hirkatoodha.

1. **Durduubee ofdanda'oo**

Durduubee ofdanda'oo jechuun ofdanda'anii hiika mataa isaanii kan qabaniidha. Isaanis:

gara, akka, waa'ee, cinaa, keessa, wajjin, booda, duuba, irra, jala

Fakkeenya Soolaneen **akka** haadha ishee barumsaan cimtuudha.

Taliilaan obboleettii isaa **wajjin** barata.

Barattoonni **waa'ee** barnoota isaanii mari'achaa jiru.

2. **Durduubee Hirkatoo**

Akaakuun durduubee kanaa immoo, ofdanda'anii hiika kan hinqabneedha. Isaanis:

-dhaan, -tiin, -tti, -f, -iif, -tiif, -dhaaf -ni

Fakkeenya Hundeen taaksi**dhaan** Birbirsa Gooroo deeme.

Bulaan harmee isaa**tiif** huccuu bite.

Bu'uura bakka galma isaanitiin durduubeewwan Afaan Oromoo bakka lamatti qoodamu. Isaanis: **durgaa**fi **duubgaa** jechuun qoodamu. Jechoonni 'durgaafi duubgaa' jedhan jechoota duraafi duuba gala jedhamurraa uumaman.

Fakkeenya

1. Guutaan Booranatti gale.
2. Uffanni sanduuqa **keessa** jira.
3. Koottu **gara** Agamsaa deemna.
4. Seenaan obboleessa isheerraa kitaaba fudhatte.
5. **Waa'ee** hoj-manee keessanii gareen mari'adhaa!

Fakkeenya armaan olii keessatti himoonni 1, 2fi 4 keessatti gurraacheffaman duubgaa yoo ta'an kanneen hafan jechuunis 3ffaafi 5ffaan immoo durgaa jedhamu.

Gilgaala 9

A. Gilgaala kana keessatti barattoonni fakkeenya armaan olii keessatti maalummaa durduubee isa hubatan sana himoota keessaa akka adda baasan isaan taasisa. Kanaaf, barattoonni durduubee himoota keessatti kennameef akka adda baasan gilgaala kana hojjechiisaa!

Deebii

1. Eeboodhaan
2. Keessatti
3. Keessa
4. barattootaaf
5. cinaatti
6. isheetti
7. minjaalarra
8. ganamaan
9. jala
10. gara

B. Barattoonni gilgaala kana kessatti jechoota kennameef keessaa durduubee adda baasanii akka hubataniif isaan gargaara. Haaluma gilgaalichi ajajeen hojjechiisaa!

Deebii

1. -tti
2. -af
3. duuba
4. -dhaan
5. -rra

C. Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota durduubee ta'an fayyadamuun himoota mataa isaanii ijaaru. Himoonni isaan ijaaran adda adda ta'uu danda'a. Garuu, himoonni isaan ijaaran durduubee of keessaa qabaachuu isaa mirkaneeffadhaa!

Deebii

1. Akka simbira masqalaa baddee baddee maaf dhufta?
2. Huseen mukaan mana ijaare.
3. Isaan gaara gubbaa dhaabbatanii uumama daawwatu.
4. Uummanni waa'ee misoomaa mar'achaa jiru.
5. Barattoonni gaaddisa jalatti qo'achaa jiru.

Tooftaa Madaallii

- Barsiisa/tu! Dandeettin kun gochaale dhaggeeffachuu duraa keessatti kan madaalamuudha. Barattoonni sagalee waraabame tokko dhaggeeffachuun ergaa isaa akka ibsan taasisaa. Bakka kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin yaada isaanii ibsachuun dandeettii dubbachuu isaanii gabbifataniidha. Itti aansuun immoo, gara dhaggeeffannaatti karaa itti finnudha. Barreeffamicha si'a sadii irra deddeebi'uun dubbisaaf. Dubbisa "Sab- qunnamtii Barreeffamaa" jedhu yeroo dubbistaniif barattoonni caatoo kennameef guutuu isaanii mirkaneeffadhaa!
- Barattoonni dubbisa ofdanda'anii dubbisuun yaada ijoo dubbisichaa beekuuf gaaffilee achi keessaa bahan deebii isaanii barreeffamaan kaa'uu isaanii ilaalaa. Qabxii barreessan irratti yaad-deebii barbaachisaa ta'e kennaafii!
- Himoota sasalphootti fayyadamuun caasaa keeyyanni itti barreeffamu eeganii barreessuu isaanii ilaalaa. Mataduree dhiyaateef yookiin kan mataa isaanii fudhachuun wanta barreessanii dhiyeessan adeemsa barreeffamaa qabaachu isaa mirkaneessaa!
- Jechootaaf haala galumsan hiika kennuu isaanii ilaalaa. Haala gaafatamaniin walitti firoomsuu isaanii hordofaa!
- Himoota yookiin jechootarraa durduubee adda baasuu isaanii mirkaneeffadhaa! Akkasumas, jechoota durduubee ta'aniin himoota sirrii barreessuu isaanii ilaalaa!

BOQONNAA SADDEET

KOORNIYAA

(BAAY'INA WAYITII 16)

(DHEERINA WAYITII 45')

SEENSA

Boqonnaa kana keessatti barattoonni fakkii kennameef ilaalchisee yaadasaanii hiriyyoota isaanii wajjin irratti mari'achuun hubannoo dandeettii waliin haasawuu gabbifatu. Seera falmii eeguun yaada isaanii ibsatu. Dandeettiiwwan afaanii keessaa dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagfatu. Dubbisa dubbisuun odeeffanno murtaa'oo ta'an kanneen dubbisa keessa jiran ibsu. Keeyyata gabaabaa nibarreessu. Jechootni ergisaa jiraachuu isaa nibeeku. Hima keessatti gochimoota adda baasu. Gochimootatti fayyadamuunis hima ni'ijaaru. Gama biraatiin, boqonnaa kana keessatti mala baruu barsiisuufi tooftaa barattoota ittiin madaalamantu hammatamee jira.

Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni**:**

- Afee/ dubbisa dhaggeeffachuu kennameef calaqqee dhiyeesu.
- Waa'ee Afee/ dubbisa dhiyaatee odeeffannoo murtaawaa dubbisuun barreessu.
- Yaadrimee keeyyataa ibsu.
- Jechoota ergisaa adda baasuun itti fayyadamu.
- Gochimoota hima keessatti itti gargaaramu.

Qabiyyee

- Dhaggeeffachuu
- Dubbachuu
- Dubbisuufi Barreessuu
- Fayyadama Jechootaa
- Seerluga

Mala Baruu Barsiisuu Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu Gilgaala 1

Barattoonni koorniyaa ilaalchisee muuxannoo duraan qaban sodaa tokko malee waliin mari'achuun yaada isaanii akka ibsan jajjabeessaa**!** Gilgaala kana keessatti barattoonni dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii gabbifatu. Kanaaf bal'inaan yaada akka waljijiiran taasisaa!

Biqiltuufi Dachaasaa

Biqiltuufi Dachaasaan obbolaadha. Isaanis baay'ee waljaalatu. Hojii mana keessaafi hojii alaa walgargaaranii hojjatu. Ganama akkuma hirribaa ka'aniin hojii mana keessaa qoqqooddatanii hojjatu. Biqiltuun akkuma hirribaa kaateen biqiltoota mooraa keessa jiran bishaan ujummoon obaafti. Achii deebitees, eelee o'istee biddeena tolchiti.

Dachaasaan ammoo, ganama ka'ee mana qulqulleessa. Sana booda qullubbii mummuruun ittoo hojjata. Erga ittoo hojjatee xumuree boodas, buna dhiqee akaa'a. Buna akaa'es irraa baasee bishaan jabanaatti buusuun ibidda irra kaa'a. Hanga bishaanichi danfutti immoo, buna tuma. Yeroo bishaanichi danfus buna tumame sana jabanaatti naqa. Bunichis erga sirritti danfee booda, ibiddarraa fuudhee akka calaluuf lafa kaa'a. Akkaataa kanaan lamaanuu hojii isaanii erga xumuranii booda maatii isaanii hirribarraa dammaqsu.

Maatiin isaanis hirriibaa ka'anii fuula isaanii dhiqatu. Itti aansuun, ciree qophaa'e nyaatanii buna dhugu. Biqiltuufi Dachaasaaniis meeshaalee itti fayyadamaa turan walgargaaruun dhiqanii kaa'u. Sana boodas gara mana barumsaa deemu.

Galgala yeroo manatti deebi'an immoo, waan argatan nyaachuun yeroo muraasaaf boqatu. Sanaan booda hojii mana keessaa akkuma baratame walii qoodu. Haaluma kanaan Biqiltuun ittoo irbaataaf ta'u qopheessiti. Ganamoon immoo, buna danfisa. Dhumarrattis, irbaata isaanii nyaatanii, buna isaanii dhuganii hoji-manee isaanii hojjachuun qayyabatu. Haala kanaan, Biqiltuufi Dachaasaan maatii gargaaraa barumsa isaanii baratu.

Gilgaala 2

Barattoonni dubbisa erga dhaggeeffattanii booda, gaaffilee dubbisa dhaggeeffachuu keessaa bahan hojjechiisaa.

Deebii Gilgaala

1, a	2, c	3, b
4, a	5, d	6, b

Gigaala 3

Jechoota waliin deeman Deebii Gilgaalaa

1. b
2. c
3. d
4. 4. a
5. f
6. g
7. h
8. j
9. k
10. e

Barannoo Lama

Dubbachuu

Gigaala 4

Falmii Gaggeessuu

Barsiisata /tu, barattoonni mata duree kennameef irratti bifa falmiitiin yaada isaanii akka maddisiisan taasisaa. Kunis, barattoonni dandeettii dubbachuu isaanii akka gabbifatan isaan taasisaa. Yeroo kana garuu adeemsa barbaachisoo ta'an qabsiisuun murteessaadha. Kunis qajeelfama falmiin ittiin gaggeeffamu kitaaba isaanii keessatti kan ibsame caalaa osoo falmii hin jalqabiin bal'inaan adeemsa isaa irratti mari'achiisaa. Barattoota keessaa abbootii seeraa filachiisuu hindagatiinaa. Abbotiin seeraa miseensa namoota sadii qabu filachiisaa.

Isaanis:

- Dura taa'aa
- Abbootii seeraa
- Kabajamtoota dhaggeeffattootaa

Abbootiin seeraa loogii tokko malee waan dhaggeeffatan irratti murtii haqaa akka kennan karaa qajeelchaa! Kana gochuun keessan, barattoonni gara fuula duraa waa murteessuu akka danda'an isaan taasisaa!

Qajeelfama Falmii

1. Kan falmitu yaadaan malee namaan akka hin taane beeki. Kanaafuu, nama siin falmu hinjibbiin.
2. Falmiin kan godhamu mo'udhaaf waan ta'eef, ragaa argachuun murteessaadha.
3. Ragaa dhiyeessitu muuxannoo kee odeeffannoo namoota mataduree iratti beekumsa qaban irraa argatteefi kitaabolee adda addaa dubbisuudhaan sassaabbadhu.
4. Yaada kee yemmuu ibsitu, duraa duuba isaa eeguu hindagatiin.
5. Namni dhugaa qabaateef duwwaa hinmo'u. Kanaafuu , dhugaa qabdu ragaadhaan deeggartee akka nama amansiisuu danda'utti dhiyeessuun barbaachisaa ta'uu isaa beeki.
6. Yeroo siif kenname keessatti ragaalee walitti qabatte hunda dhiyeessuu hindandeessu ta'a. Kanaaf, isa baay'ee sigargaaru dursii dhiyeessi.

Barannoo Sadii

Dubbisuufi Barreessuu

Gigaala 5

Muuxannoo barattoonni duraan qabaniifi fakkii ilaaluun yaada mataa isaanii akka kennan taasis. Kana gochuun kee, barattoonni si'aayinaan gara dubbisuutti akka deeman waan isaan gargaarufidha**.**

Gilgaala 6

Deebii Gilgaala

1. dhiiraafi dubara
2. barsiifata
3. awurooppaatti
4. dubartootaa

Gilgaala 7 Deebii Gilgaalaa

1. c 4. a
2. c 5.b
3. a

Gilgaala 8

A. Barattoonni himoota gilgaala kana keessatti kennameef duraa duuba isaa sirreessanii keeyyata qindeessaniibarreessuu isaanii to'adhaa! Bakka hanqinni jirutti immoo duub-deebii kennaafii!

Deebii Gilgaalaa

1. 2
2. 3
3. 5
5. 4
4. 1

B. Barsiisa/tu, Keeyyata barattoonni barreessan ilaalaa. Bakka hanqinni jirutti immoo soroorsaafii qajeelchaa.

Barannoo Afur

Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9

A. **Barattoonni jechoota ergisaa teknoolojii waliin deeman fayyadamuun caatoo kennameef akka guutan taasisaa!**

Fakkeenya

- Rimootii
- Wifi
- Feesbuukii
- Televizyinii
- Raadiyoonii
- Pilaasmaa
- Yuutuubii
- Kompiitara
- Chaarjarii
- Makiinaa
- Baandiraa
- Shamizii…..

B. **Haaluma kanaan gilgaala kanas hojjachiisaa.**

C. **Jechoota ergisaa armaan olitti tarreessan himoota akka ijaaran taasisaa!**

Fakkeenya

1. Kompiitara yeroo mara walitti fufiinsaan ilaaluun ija nama miidha.

Barannoo Shan

Seerluga

Gilgaala 10

Barattoonni himoota kennameef keessaa gochimoota akka adda baasaniif fakkeenya garagaraa kennuun shaakalsiisaa!

Fakkeenya

Ganameen ciree ishee ganamaan nyaatte. Birraafi Boontuun Finfinnee deeman.

Deebii Gilgaala A

1. bitte
2. nyaanne
3. balleess
4. gorse
5. kenne
6. bashannansiisa
7. kabajama
8. ajjeesa
9. hundaati
10. gaariidha.

Gilgaala 10B

Deebii

1. dhufan
2. banama
3. taa'an
4. jaalatti
5. cabse
6. qabatu
7. goote
8. dubbisti
9. barreesse
10. ciccimoodha.

Gilgaala 10 C

Deebii

Barattoonni gochimoota armaan olitti jala sararaman faayidaa isaan hima keessatti kennan hubachuun gochimoota gabatee keessatti kennameefii jiruun himoota mataa isaanii akka ijaaran jajjabeessaa.

Fakkeenya

1. Riqichi konkolaataa naannoo keenya jiru ijaarame.

Yaadannoo

Gochima

Gochima jechuun garee jechootaa Afaan Oromoo ta'ee wanti/gochaan tokko raawwatamuu / xumuramuu/ isaa kan agarsiisudha.

Fakkeenyaaf: Kumeen mana barumsaa deemte.

Badhaasaan konkolaataa bite.

Ayyaantuun Ameerikaa deemte.

Tooftaa Madaallii

- Barsiisa/tu; Barattoonni kaayyoo kana galmaan gahuu mirkaneeffadhaa. Kana taasisuuf tooftaalee madaallii garagaraa fayyadamaa. Haaluma kanaan dubbisa dhaggeeffachuuf dhiyaate dhaggeeffatanii deebii sirrii mirkaneeffachuu isaanii mirkaneeffadhaa. Gaaffilee barattoota rakkisan adda baasuun itti agarsiisaa. Yeroo dubbisuu keessattis dubbisicha al-lama yookiin al-sadi irra deddeebi'ii dubbisaafii. Sana booda barattoonni deebii hunda deebisuu isaanii adda baafadhaa. Gaaffilee dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa sirritti deebisuu isaanii ilaalaa. Bakka isaan rakkisetti gargaaraa. Kana malees, dhimmoota koorniyaa irratti dhiyaatan keessatokko filachuun falmii cimaa ta'e gaggeessuu isaanii ilaalaa. Kunis hubannoo barattoonni koorniyaarratti qaban hammam akka ta'eef fayyada. Bakka duwwaa himoota keessatti dhiyaatan jecha sirrii filachuun akka guutan taasisaa. Itti dabaluunis hiika faallaa jechootaaf barbaaduu isaanii mirkaneeffadhaa. Jechoota ergisaa maqaa ta'anii bu'aa tekinoolojii wajjin dhufan hammam akka hubatanii adda baafatan mirkaneeffadhaa. Gochima bakka sirrii ta'etti fayyadamuu isaanii mirkaneeffadhaa.
- Barattoonni dubbisa dubbifamuuf osoo hindaggeeffatiin muuxannoo duraan qabanirratti yaada isaanii ibsachuu isaanii ilaalaa. Hiriyyoonni isaanii yemmuu dubbatan sirnaan dhaggeeffachuu isaanii hordofaa. Dandeettiin dubbachuufi dhaggeeffachuun gilgaala kana keessatti gargar bahanii ilaalamuu hindanda'an. Kanaaf, qabiyyee kennameef irratti yaada isaanii waljijjiruu isaanii mirkaneessaa.

- Dubbisa kitaaba isaanii irra jiru dubbisuun dura muuxannoo isaanirratti hundaa'uudhaan yaada kennuu isaanii ilaalaa. Dubbisicha yemmuu dubbisan xiyyeeffannoon akka dubbisan gaaffilee yeroo dubbisaa hojjechaa deemuu isaanii mirkaneessaa. Dubbisicha erga dubbisanii xumuranii booda gaaffilee odeeffannoo ijoo ta'e barreessuu isaanii mirkaneessaa!
- Hiika jechootaa barattoonni sirriitti gonfachuuf barattoonni yeroo yerootti akka shaakalan taasisuun gahumsa barattootaa irratti fooyya'insa guddaa fida. Jechoota dubbisa keessaa bahan hiika sirrii kennuu isaanii mirkaneeffadhaa!
- Itti fayyadama gochimoota beekuun bakka barbaachisutti galchuun dhimma itti bahuu isaanii ilaalaa. Himni tokko gochima malee ergaa guutuu dabarsuu akka hindandeenye beekuun idoo barbaachisaa ta'etti gochimoota nifayyadamu. kanaaf, gochimoonni ijaarasa himootaa keessatti murteessaa ta'uu hubachuun himoota garagaraa keessatti bifa sirrii ta'een itti fayyadamuu isaanii ilaalaa. Barattoonni himoota barreessuu danda'uu isaanii ilaalaa himni barreessanis hima gochima sirrii qabaachuu mirkaneeffadhaa!

Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Akka Afaan 2ffaatti

Semisteera 1ffaa kutaa 5ffaa

Boqonnaa Tokko: Mana Barumsaa Koo(Wayitii 8)

Bu'aalee barachuu

Xumura barnoota boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- keeyyata mata dureen isaa **Daree Barnootaa koo** jedhu nidhaggeeffatu;
- maqaafi fakkii meeshaalee daree barnootaa keessatti argaman walitti nihimu;
- walaloo **Barnoota** jedhu dubbisuun yaada isaa ni'ibsu;
- jechoota waliin deeman walitti fiduun ga'umsaan nidubbisu;
- hiikaa jechoota waliin deemanii nikennu;
- jechoota waliin deeman gargaaramuun hima ni'ijaaru;
- lakkoofsota 21 hanga50 jechaan barreessuun nidubbisu;
- bamaqaalee abbummaa agarsiisan himoota keessatti nifayyadamu;
- himoota gaaffiifi deebii bittaa-gurgurtaan walqabatan nishaakalu.

Ga'umsa	Qabiyyee	Haala Dhiyeessaa	Mala Baruu Barsiisuu		MD	Yeroo	Hordoffiifi Deegarasa	Madaallii
			Gahee barsiisaa	Gahee Barataa				
keeyyata mata dureen isaa **Daree Barnootaa koo** jedhu nidhaggeeffatu	**Dhagdubbii**	-keeyyata mata dureen isaa **Daree Barnootaa koo** jedhu shaakala dhaggeeffachuuf qopheessuu, -maqaafi fakkii meeshaalee daree barumsaa keessatti argamanii himuu qopheessuu	-Barattoonni keeyyata mata dureen isaa **Daree Barnootaa koo** jedhu hubannoon akka dhaggeeffatan taasisuu, -keeyyata dubbifamuuf dhaggeeffatanii maqaafi fakkii meeshaalee daree barumsaa keessatti argamanii akka walitti himan gochuu	-Barattoonni keeyyata mata dureen isaa **Daree Barnootaa koo** jedhu hubannoon nidhaggeeffatu, -keeyyata dubbifamuuf dhaggeeffatanii maqaafi fakkii meeshaalee daree barumsaa keessatti argamanii walitti nihimu.			keeyyata mata dureen isaa **Daree Barnootaa koo** jedhu hubannoon nidhaggeeffachuu danda'u isaanii hordofuun deeggaruu -keeyyata dubbifamuuf dhaggeeffatanii maqaafi fakkii meeshaalee daree barumsaa keessatti argamanii walitti nihimuu danda'uu isaanii hordofuun adda baafachuun deeggaruu	-keeyyata mata dureen isaa **Daree Barnootaa koo** jedhu hubannoon nidhaggeeffachuu danda'uu isaanii adda baafachuu -keeyyata dubbifamuuf dhaggeeffatanii maqaafi fakkii meeshaalee daree barumsaa keessatti argamanii walitti nihimuu danda'uu isaanii hordofuun duubdeebii kennuun mirkaneessuu
walaloo '**Mana Barumsa Koo'** jedhu	**Dubbisuu**	-Walaloo '**Mana Barumsa Koo'** jedhu qopheessuu; - jechoota waliin deeman dubbisa keessaa bahan qopheessuu	-Walaloo '**Mana Barumsa Koo'** jedhu qophaa'e dubbisuu shaakalsiisuu; - jechoota waliin deeman dubbisa keessaa bahan akka shaakalan taasisuu;	Barattoonni walaloo '**Mana Barumsa Koo'** jedhu ga'umsaan dubbisuun yaada isaa ni ibsu - jechoota waliin deeman walitti fiduun ga'umsaan nidubbisu			-Barattoonni walaloo '**Mana Barumsa Koo'** jedhu ga'umsaan dubbisuusaanii hordofuun deeggaruu -Barattoonni jechoota waliin deeman walitti fiduun ga'umsaan dubbisuu isaanii hordofuun gargaaruu;	-Barattoonni walaloo '**Mana Barumsa Koo'** jedhu ga'umsaan dubbisuusaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu; -Barattoonni jechoota waliin deeman walitti fiduun ga'umsaan dubbisuu isaanii duubdeebii kennuun mirkaneessuu;

Jechoota waliin deeman gargaaramuun himoota ijaaruu; Lakkoofsota 21 hanga 30 jechaan barreessuufi sagaleessuu	**Barreessuu**	-Jechoota waliin deeman gargaaramuun himoota barreessuu; -Lakkoofsota 21 hanga 30 jechaan barreessuufi sagaleessuu	- Jechoota waliin deeman gargaaramuun himoota akka barreessan gochuu; -Lakkoofsota 21 hanga 30 jechaan barreessuun akka sagaleessan shaakalsisuu	- Jechoota waliin deeman gargaaramuun hima barreessuu nishaakalu -Lakkoofsota 21 hanga 30 jechaan barreessuun akka sagaleessuu nishaakaluu			-Jechoota waliin deeman gargaaramuun hima barreessuu danda'uu isaanii hordofuufi gargaaruu -Lakkoofsota 21 hanga 30 jechaan barreessuun akka sagaleessuu danda'an hordofuun deeggaruu	-Jechoota waliin deeman gargaaramuun hima barreessuu danda'uu isaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu; -Lakkoofsota 21 hanga 30 jechaan barreessuun sagaleessuu danda'uu isaanii hordofuun duubdeebii kennuun mirkaneessuu
Jechoota faallaa	**Fayyadama Jechootaa**	-Jechoota faallaa Waliif ta'an qopheessuu;	-Jechoota faallaa Waliif ta'an fakkeenya kennuun gilgaalota akka hojjetan qajeelchuu.	-Jechoota faallaa Waliif ta'an fakkeenya kenname irratti hundaa'uun gilgaalota hojjechuun ni agarsiisu;			-Barattoonni Jechoota faallaa Waliif ta'an fakkeenya kenname irratti hundaa'uun gilgaalota hojjechuu danda'uusaanii hordofuun deeggaruu;	-Jechoota faallaa Waliif ta'an fakkeenya kenname irratti hundaa'uun gilgaalota hojjechuu danda'uusaanii hordofuun mirkaneessuu;
himoota gaaffiifi deebii bittaafi gurgurtaan walqabatan	**Caas-luga**	Himoota gaaffiifi deebii bittaafi gurgurtaan walqabatan fakkeenya kennuun gaafachuu **Fkn**. -Qarshii meeqa? -Meeqatu bite?...	-Barattoonni himoota gaaffiifi deebii bittaafi gurgurtaan walqabatan wal gaafachuufi walitti himuu akka shaakalan gargaaruu	-Barattoonni himoota gaaffiifi deebii bittaafi gurgurtaan walqabatan wal gaafachuufi walitti himuu nishaakalu			Barattoonni himoota gaaffiifi deebii bittaafi gurgurtaan walqabatan wal gaafachuufi walitti himuu danda'uusaanii hordofuun deeggaruu	Barattoonni himoota gaaffiifi deebii bittaafi gurgurtaan walqabatan wal gaafachuufi walitti himuu danda'uusaanii hordofuufi duubdeebii kennuun mirkaneessuu.

Boqonnaa Lama: Waqitiilee (Wayitii 8)

Bu'aalee barachuu

Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

- keeyyata waa'ee **Waqitiilee** dhaggeeffatanii waan hubatan ni'ibsu;
- yaada ijoo dubbisa dhaggeeffatanii irra deebi'anii nihimu;
- keeyyata gabaabaa W**aqtiileefi Ji'oota** jedhu dubbisuun ergaa ijoofi calla isaa nihimu;
- jechoota kennamanif hiikaa walfakkii isaanii walitti nifiroomsu;
- lakkoofsota 71 hanga 100 jechaafi lakkoofsaan barreessuun nidubbisu;
- qubguddeessa gargaaramuun kallattiiwwan, maqaa dhuunfaa, ji'oota, guyyootaafi waqtiilee nibarreessu;
- gochimoota adda addaa gargaaramuun himoota kornayaa agarsiisan ni'ijaaru;
- bamaqaalee antima sirrii agarsiisaniin hima ni'ijaaru;
- gumee himaan qophaa'e irratti hundaa'uun keeyyata gabaabaa tokko nibarreessu.

Ga'umsa	Qabiyyee	Haala Dhiyeessaa	Mala Baruu Barsiisuu		MD	Yeroo	Hordoffiifi Deegarasa	Madaallii
			Gahee barsiisaa	Gahee Barataa				
Dubbisa **Waqtiilee** jedhu	**Dhagdubbii**	- keeyyata **Waqitiilee** jedhu dhaggeeffannaaf qopheessuu; - yaada ijoo dubbisa dhaggeeffatanii himuu;	-Barattoonni keeyyata **Waqitiilee** jedhu dhaggeeffatanii akka gaaffilee hojjetan gochuu; - yaada ijoo keeyyata dhaggeeffatanii Akka himan gaafachuu;	- Barattoonni keeyyata **Waqitiilee** jedhu dhaggeeffatanii gaaffilee gilgaalaa nihojjetu; - yaada ijoo keeyyaticha keessatti dhaggeeffatanii nihimuu;			-keeyyata **Waqitiilee** jedhu dhaggeeffatanii gaaffilee gilgaalaa kenname hojjechuu isaanii adda baafachuun deeggaruu; - yaada ijoo keeyyaticha keessatti dhaggeeffatanii Himuu danda'uu isaanii hordofuufi jajjabeessuu;	keeyyata **Waqitiilee** jedhu dhaggeeffatanii gaaffilee gilgaalaa kenname hojjechuu isaanii adda baafachuu;; - yaada ijoo keeyyaticha keessatti dhaggeeffatanii Himuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;

keeyyata gabaabaa **'Bona'** jedhu ji'oottan waggaa Hiika walfakkii	**Dubbisuu**	-keeyyata gabaabaa **'Waktiileefi Ji'oota** jedhu qopheessuu; •dubbisa dhiyaate keessatti, ji'oottan waggaa dhiyeessuu - jechoota hiikaa walfakkii qopheessuu; -lakkoofsota dijiitii kudhan kudhaniin(0, 10, 20, 30, …100) jechaan barraa'an qopheessuu	-keeyyata gabaabaa **'Waktiileefi Ji'oota'** jedhu ga'umsaan akka dubbisaniif jajjabeessuu; -ji'oottan waggaa adda baasuun akka waaman gochuu. - jechoota hiikaa walfakkii kennamanii akka walitti firoomsan taasisuu. -lakkoofsota dijiitii kudhan kudhaniin(0, 10, 20, 30, …100) jechaan barraa'an dubbisiisuu	-keeyyata gabaabaa **'Waktiileefi Ji'oota'** jedhu ga'umsaan dubbisuu shaakaluu; - ji'oottan waggaa adda baasuun tokko tokkoon niwaamu. - jechoota hiikaa walfakkii kennamanii walitti firoomsuun nibarreessu. -lakkoofsota dijiitii kudhan kudhaniin (0, 10, 20, 30, …100) jechaan barraa'an nidubbisu			-keeyyata gabaabaa **'Waktiileefi Ji'oota'** jedhu ga'umsaan dubbisuu danda'uu isaanii adda baafachuun hordofuufi deeggaruu; --ji'oottan waggaa adda baasuun tokko tokkoon waamu danda'uu saanii hordofuun deeggaruu. - jechoota hiikaa walfakkii kennamanii walitti firoomsuu danda'uu isaanii adda baafachuun deeggaruu -lakkoofsota dijiitii kudhan kudhaniin(0, 10, 20, 30, …100) jechaan barraa'an nidubbisuu danda'uu isaanii adda baafachuun deeggaruu	-Barattoonni keeyyata gabaabaa **'Waktiileefi Ji'oota'** jedhu ga'umsaan dubbisuu danda'uu isaanii adda baafachuun dubbisuusaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu; -ji'oottan waggaa adda baasuun waamu danda'uu isaanii adda baafachuun duubdeebii kennuun mirkaneessuu. - jechoota hiikaa walfakkii kennamanii walitti nifiroomsuu danda'uu isaanii mirkaneessuu. -lakkoofsota dijiitii kudhan kudhaniin(0, 10, 20, 30, …100) jechaan barraa'an nidubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.
Keeyyata barreessuu	**Barreessuu**	- Gumee qopheessuun dhiyeessuun keeyyata himoota 3-5 irraa ijaaruu; - Lakkoofsota 71 hanga 100 jechaan bareessuu	- Barattoonni gumee himaan qophaa'e irratti hundaa'uun keeyyata gabaabaa tokko akka barreessan shaakalsisuu ; -Lakkoofsota 51 hanga 100 jechaafi lakkoofsaan barreessuun akka shaakalan gochuu;	-Barattoonni gumee himaan qophaa'e irratti hundaa'uun keeyyata gabaabaa himoota 3-5 irraa ijaarame tokko barreessuu shaakalu ; -Lakkoofsota 51 hanga 100 jechaafi lakkoofsaan barreessuu nishaakalu.			-Barattoonni gumee himaan qophaa'e irratti hundaa'uun keeyyata gabaabaa himoota 3-5 irraa ijaarame tokko barreessuu danda'uu saanii hordofuufi deeggaruu; -Lakkoofsota 51 hanga 100 jechaafi lakkoofsaan barreessuu danda'uu isaanii addabaafchuufi deeggaruu.	Barattoonni gumee himaan qophaa'e irratti hundaa'uun keeyyata gabaabaa himoota 3-5 irraa ijaarame tokko barreessuu danda'uu saanii mirkaneessuu; -Lakkoofsota 51 hanga 100 jechaafi lakkoofsaan barreessuu -Lakkoofsota 51 hanga 100 jechaafi lakkoofsaan barreessuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

Gochimoota koornayaa agarsiisan	**Fayyadama Jechootaa**	-Gochimoota koornayaa agarsiisan qopheessuu	Barattoonni gochimoota adda addaa gargaaramuun himoota korniyaa dhiiraafi dhalaa agarsiisan ijaaruu akka shaakalan gochuu	-gochimoota adda addaa gargaaramuun himoota keessaatti korniyaa dhiiraafi dhalaa agarsiisuun himoota ijaaruunishaakalu;			-Barattoonni himoota keessatti gochimoota adda addaa gargaaramuun korniyaa dhiiraafi dhalaa agarsiisuun ijaaruu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu.	Barattoonni himoota keessatti gochimoota adda addaa gargaaramuun korniyaa dhiiraafi dhalaa agarsiisuun ijaaruu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.
Bamqaalee aantima sirrii agarsiisan	**Caas-luga**	Bamaqaalee antima sirrii agarsiisan qopheessuu	-Brattoonni bamaqaalee aantima sirrii agarsiisan ga'umsaan dubbisuun hima akka ittiin ijaaran gochuu	Brattoonni bamaqaalee aantima sirrii agarsiisan ga'umsaan dubbisuun hima ittiin ijaaruu nishaakalu			Barattoonni bamaqaalee aantima sirrii agarsiisan ga'umsaan dubbisuun hima ittiin ijaaruu danda'uusaanii hordofuun deeggaruu	Brattoonni bamaqaalee aantima sirrii agarsiisan ga'umsaan dubbisuun hima ittiin ijaaruu danda'uusaanii adda baafachuun duubdeebii kennuun mirkaneessuu.

Boqonnaa Sadii: Walgargaarsa (wayitii 18)

Kaayyoo

Dhuma Boqonnaa Kanaatti Barattoonni

- Afee/dubbisa kenname dhaggeeffachuun calaqqee yaada isaanii ibsu
- Saffisa madaalawaa ta'een keeyyata gabaabaa tokko sagalee ol kaasanii dubbisu.
- Maxxantoota jechootaatti gargaaramuun himoota ijaaru
- Himoota dachaafi xaxamaa barreessu

Gahumsoota Barachuu/ Dandeettiiwwan Barachuu	Qabiyyeewwan	Meeshaaleefi Tooftaalee Barachuu	Madaallii
Barattoonni barnoota kana booda: 1. Daggeeffachuun yaadannoo fudhatu 2. Yeroo kennameef keessatti dubbisa dubbisuun yaada ijoo barreessu 3. Himoota ijaaruu keessatti maxxantoota gara garaa fayyadamu	**Dhaggeeffachuufi barreessuu:** Afee/dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun yaadannoo barreessu/qabatu **Dubbisuufi barreessuu:** Afee/dubbisa dhiyaate saffisa madaalawaa ta'een dubbisu **Seerluga:** Jechoota maxxantoota qabanitti fayyadamu	Afee/dubbisa waa'ee walgargaarsaa dhiyaatee/ qophaa'ee dubbisuufi ibsa gabaabaa kennuun barattoonni namoota qaama miidhamoo ta'an qabatamaan akkaataa itti gargaaran akka barreessan tasiisu (kuni barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu akka gabbifatan taasisa) Barattoota daree haala dubbisaaf mijaahuun qajeelchi/teessisi. Itti aansuun shaakala yeroo dubbisuu kenniif. Yeroo kennameef keessatti dubbisuu akka shaakalan godhi Afaanicha keessatti maxxantoota argamuu malan fakkeenya kennuun kan biroo akka barreessan taasisi	Yeroo dhaggeeffachuu yaadannoo barattoonni qabatan ilaali Yeroo kennameef irratti hundaa'uun dubbisa dhiyaateefii sana xumuruu/fixuu isaanii mirkaneessi Akka fakkeenya kennite sanaatti maxxantoota gara garaa barattoonni kee akka barreessan gaafadhu

Boqonnaa Afur: Nageenya Tiraafikaa (wayitii 18)

Kaayyoo

Dhuma Boqonnaa Kanaatti Barattoonni

- Afee/dubbisa kenname dhaggeeffachuun faaruu waa'ee nageenya tiraafiikaa faarsu.
- Gahumsa madaalawaa ta'een keeyyata gabaabaa tokko sagalee ol kaasanii dubbisu.
- Jechoota haala qabatamaa jireenya isaanii waliin walitti fidu.
- Walqabsiistota hirkatootti gargaaramuun himoota dachaa ijaaru/barreessu.

Gahumsoota Barachuu/ Dandeettiiwwan Barachuu	Qabiyyeewwan	Meeshaaleefi Tooftaalee Barachuu	Madaallii
Barattoonni barnoota kana booda: 1. Afee/dubbisa dhaggeeffachuun sirriitti irra deebi'anii himu. 2. Afee/dubbisa dhiyaate sagalee olkaasanii gahumsaan dubbisu 3. Jechootaafi haala qabatamaa jireenyaa mataa isaaniitiin walitti fidu 4. Himoota dacha ijaaru	**Dhaggeeffachuufi dubbachuu:** Afee/dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun dabareen haasa'u **Dubbisuu:** Afee/dubbisa dhiyaate gahumsaan dubbisuu **Barreessuufi seerluga:** Himoota dacha barreessu	Faaruu waa'ee nageenya tiraafiikaa qopheessuun (Raadiyoo irraa waraabuun, waraqaarratti barreessuun barattoonni akka dhaggeeffatan godha.) Itti aansee akka faarfatan taasisa. Barsiisaan jalqaba seerota tiraafiikaa barattoota isaatti himuun, jechoota qabatamaa jireenya isaanii wajjiin walqabsiisanii akka fayyadaman himuu. (fkn- Ifa keelloo- qophaa'i jechu, Diimaan ce'uuf of-eeggannoo) Barattoonni afee/dubbisa dhiyaatee sagalee ol kaasanii gahumsaan akka dubbisan ajaji Barsiisaan barattoonni fakkeenya kennameef irratti hundaa'uun himoota dacha akka ijaaran taasisa. Barattoonni walqabsiistota of danda'otti gargaaramuun himoota mataa isaanii akka barreessan taasisuu. (fi, garuu, kanaaf…, Tolaa ***fi*** Caaltuun dhufan)	Barattoonni hundi faaruu keessatti hirmaatu.(faaruu dhiyaate akka faarsan kenniif) Barattoonni sagalee ol kaasanii afee/ dubbisa dhiyaate akka dubbisan taasis. At immoo ga'umsa isaanii madaalaa deemi. Barattoonni jechoota kennameef qabatama jireenya isaanii wajjiin akka walqabsiisan gaafadhu. Halluuwwan tiraafiikaa adda baafachuu isaanii madaaluun duub deebii kenni Barattoonni himoota dacha akka ijaaran taasisi.

Boqonnaa Shan: Ispoortii (wayitii 18)

Kaayyoo

Dhuma Boqonnaa Kanaatti Barattoonni

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun odeeffannoo walfakkaatuu waliif qoodu.
- Afee/dubbisa dhiyaate dubbisuun yaada tokko tokkoo keeyyata dubisichaa ibsu.
- Shaakalaan dandeettiiwwan fayyadama jechoota isaanii gabbifatu.
- Himoota walsimannaa matimaafi gochimaa qaban ijaaru.

Gahumsoota Barachuu/ Dandeettiiwwan Barachuu	Qabiyyeewwan	Meeshaaleefi Tooftaalee Barachuu	Madaallii
Barattoonni barnoota kana booda: 1. Dhaggeeffachuufi muuxannoo waliif qooduu 2. Dubbisuufi yaada dubbisaa ibsuu 3. Himoota guutuu barreessuu. 4. Beekumsa fayyadama jechootaa gabbifachuu	**Dhaggeeffachuufi Dubbachuu :** Yaada/odeeffannoo waliif qoodu **Dubbisuu:** Yaadolee adda baasanii ibsuuf dubbisu **Barreessuu:** Himoota walsimannaa matimaafi gochimaa qaban barreessu **Fayyadama jechootaa**: Fayyadam jechootaa fayyadamuu	Barattoota keetti waa'ee atileetii beekamaa tokkoo himi. Itti aansuun garee barattoota sadii hanga afurii qaban ijaaruun waa'ee atileetii beekamaa sanaa akka waliif qoodan taasisi. Akkasumas waa'ee taphataa kubbaa miilaa beekamaa tokkoo (kuni barattoonni dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu akka gabbifatan taasisa) Barattoonni jechoota kennamanitti gargaaramuun himoota mataa ufii akka barreessan jajjabeessi (fkn- Ispoortii- nuti oduu waa'ee ispoortii ni dhaggeeffanna/daawwanna) Barattoonni himoota walsimannaa antimaafi gochimaa sirrii qaban akka barreessan gargaari	Marii keessatti akka hirmaatan kakaasi/ jajjabeessi Hima isaan barreessan hordofuun yaad deebii kenni Barattootaa himoota gara garaa kennuun rakkoolee himoonni sun qaban akka addaan baasuun sirreessan godhi. Fkn- himoota itti aananii jiran walsimannaa gochimaafi matimaa sirriidhaan keessa deebi'ii barreessi. Fkn- a) Isaan barataadha b) Inni barattoota c) Isheen barsiisota

Boqonnaa Jaha: Taphoota Aadaa (wayitii 18)

Kaayyoo

Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

- Waa'ee taphoota aadaa dhaggeeffachuun deebisu
- Sirna tuqaalee hiika ibsan hubachuun fayyadamu
- Birsaga baay'ee walxaxaa baratan qoqqoodu Xalayaa barreessu

Gahumsoota/dandeettiiwwan barachuu	Qabiyyeewwan	Tarsiimoleefi Meeshaalee Barnootaa	Madaallii

• Taphoota aadaa dhaggeeffachuun keessatti hirmaatu
• Waa'ee tapha adda Addaa dubbisuun gabaasu.
  • Xalayaa barreessu
  • Heennaa ammeennaa hima ijaaruu keessatti fayyadamu.
	• Dhaggeeffac huufi dubbachuu
	• Dubbisuu
	• Fayyadama jechootaa
	• Barreessuu
	• Caasluga
		• Jechoota baramoo kan hinbaramneen waldorgomsiisuu.
		Fakkeenyi kan jalqabu jechoota duraan baratameen
		waldorgomsiisuun inni guyyaa sanaa barsiifama.
		• Jechoota caasaan/tartiibaan adda baasanii tarreessuu.
		• Caasaa jechoota baramoo gareedhaan ykn tartiibaan
		walitti qabuu.
		• Barattoonni haala caasaa jechootaa kennameen yaadanii tarreessu.
			• To'annoo alidilee/tasaa: barsiisaan daree keessa sosocho'uudhaan barataan kam akka sirriitti hubateefi kamtu ammoo akka deeggarsa barbaadu mirkaneessa.
			• Dhiyeessuu: barattoonni carraa fayyadama jechootaa gabbifachuu isaanii barsiisaaf ykn dareef ibsu.
			• Cuunfaafi Calaqqee:barattoonni addaan kutuudhaan calaqqee,waa'ee waan dhagahanii yaaduu/dubbisuu hiika dhuunfaa isaanii muuxannoo kanaan dura qaban irraa kennu.

Boqonnaa Torba: Sabqunnamtii (wayitii 18)

Kaayyoo

Dhuma Boqonnaa Kanaatti Barattoonni

- Yaada/dhimma waraabame dhaggeeffachuun yaada ijoo isaa himu.
- Dubbisuudhaan gaaffiilee hubannoo hojjatu.
- Himoota sasalphatti gargaaramuun keeyyata barreessu.
- Jechootaaf hiika galumsaa kennu.
- Durduubee/firoomsee gargaaramuun himoota barreessu.

Gahumsoota Barachuu/ Dandeettiiwwan Barachuu	**Qabiyyeewwan**	**Meeshaaleefi Tooftaalee Barachuu**	**Madaallii**
Barattoonni barnoota kana booda: 1. Yaada waraabame dhaggeeffachuun ergaa ijoo isaa himu 2. Ergaadhaaf of danda'anii dubbisu 3. Hiika jechoonni dubbisa keessatti qaban kennu 4. Himoota keessatti durduubee/firoomsee gargaaramu	**Dhaggeeffachuufi Dubbachuu** Sagalee waraabame Dhaggeeffachuun irratti haasa'u **Dubbisuufi barreessuu:** Dubbisa of danda'anii dubbisuun yaada ijoosaa barreeffamaan ibsu **Barreessuu:** Yaada mataa ofii isaanii barreessan akka gaazexeessaatti dabarsu. **Fayyadama jechootaa:** Jechoota dubbisa keessaa baha hiiku **Seerluga**: Durduubbetti gargaaramu	Gochaalee afee/dubbisa dhaggeeffachuu duraa qopheessuun barattoonni beekumsa duraanii fayyadamanii akka irratti mari'atan gochuu Barattoonni dandeettii/kalaqa mataa ufiitti akka gargaaraman jajjabeessi. Wanta fedhanirratti oduu tokko akka barreessaniifi daree keessatti dubbisan taasisi. Gochaalee yeroo dubbisuu duraa kennuun akka irratti marr'atan godhi.Itti aansuun gochaalee yeroo dubbisaa kenniif. Dhumarratti dubbisicha dubbisuun gaaffilee dhiyaataniif deebii akka kennan taasisi. Jechoota kennamaniif hiika isaanii akkaataa tajaajilaan kennan jajjabeessi. Barattootni durduubee yookiin firoomsee himoota keessatti akka tajaajilaman taasisi. Fkn. Dabtara ***irratti*** barreessi. Qalama tolaa*f* kenni.	Barattootni gaaffilee dhaggeeffachuu duraa akka deebisan gaafadhu Akkasumas, gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu akka hojjetan jajjabeessi. hojii isaaniirrattis yaadeebiis kenniif. Barattootni gaaffilee yeroo dubbisuu akka hojjetan gochuun deebii sirrii kennuun duub deebii kenniif Jechoota dubbisa keessaa bahan fudhachuun hiika jechoota dubbisa keessaa ahaniif akka kennan gargaari. Barattootni durduubee yookiin firoomsee akka fayyadaman gaafadhu.

Boqonnaa Saddeet: Koorniyaa (wayitii 18)

Kaayyoo

Dhuma Boqonnaa Kanaatti Barattoonni

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuu kennameefi calaqqee dhiyeessu.
- Waa'ee Afee/dubbisa dhiyaatee odeeffannoo murtaa'aa dubbisuun barreessu.
- Yaadrimee keeyyata ibsu.
- Jechoota ergisaa adda baasuun itti fayyadamu.

Gahumsoota Barachuu/ Dandeettiiwwan Barachuu	Qabiyyeewwan	Meeshaaleefi Tooftaalee Barachuu	Madaallii
Barattoonni barnoota kana booda: 1. Dhaggeeffachuun yaada mataa isaanii calaqqeessu 2. Afee dubbisa dhiyaatee dubbisuun odeeffannoo murtaa'aa barreessu 3. Waa'ee keeyyataa ibsu. 4. Jechoota ergisaa adda baasuun itti fayyadamu. 5. Himoota keessaa gochimoota adda baasuun itti gargaaramu	**Dhaggeeffachuufi :** Dhaggeeffachuufi calaqqee dhiyeessuu **Dubbachuu:** Falmii gaggeessuu **Dubbisuufi barreessuu:** Odeeffannoo murtaa'aaf dubbisuu **Fayyadama jechootaa**: Jechoota ergisaa adda baasuu **Seerluga:** Gochimoota seerluga keessatti gargaaramuu	Waa'ee koorniyaa barattoota keetti himi. Muuxannoofi hubannoo isaanii akka walii qoodan godhi. Barattoonni yaadrimee gahee dhiiraafi dubaraa dalagaalee mana keessaa irratti gareedhaan akka walfamaniif qopheessi (kaayyoon isaa dandeettii dubbachuu gabbisuuf) Gaaffiilee yeroo dubbisuu barattoonni deebisuu qaban qopheessi Waa'ee keeyyataa barattoota keef ibsi. Keeyyata gabaabaa tokko barreessuun barattoonni kee akka shaakalan qajeelchi. Jechoota ergisaa maqaa ta'an bu'aa teeknolojii wajjiin walqabatanii dhufan tarreessi (Kompiwuutara, wifi, feesbookii, teelegiraama, …) Barattoonni gochimoota maqaa bakka bu'an addaan baasuun akka fayyadamaniifi shaakalan taasis.	Gaaffiilee hubannoo gaaffachuun dandeettii dhaggeeffachuu barattootaa madaali Falmii barattootaa hogganuun yeroo irratti hundaa'ii shaakala barattootaa kee madaali Afee/dubbisa dhiyaate irratti hundaa'uun gaaffiilee dhiyaateef deebii barattoonni kennan madaali Barattoota keetti jechoota ergisaa muraasa himuun akka isaan jechoota ergisaa biroo beekan tarreessan taasis Gochimoota sirriitti addaan baasuufi dhiisuu isaanii madaali. Harki caalaan yoo sirriitti addaan baasuu hindandeenye ta'e shaakala dabalataafi fakkeenya dabalataa kennuun jajjabeessi.

AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI

QAJEELCHA BARSIIISOTAA KUTAA 5FFAA





Qajeelcha Barsiisotaa Afaan Oromoo
Akka Afaan 2ffaa tti